

**Xiinxala Haala Geerarsa Oromoo Jaawwii Maccaa: Ija Yaadiddama Haalawaatiin**Dajanee Galataa^{1*}, Taaddasee Jaallataa^{2*}, Guddataa Abdiisaa^{3*}

Muummee Afaaniifi Ogbarruu Oromoo, Yuunvarsitiitii Wallaggaa, L.S.P. 395, Naqamtee, Itoophiyaa

Axereraa	Article Information
<p><i>Kaayyoon qorannoo kanaa haala geerarsa Oromoo Jaawwii Maccaa xiinxaluudha. Ragaaleen qorannoo kanaa Godina Horroo Guduruu Wallaggaa aanaa Jimmaa Gannatiifi Godina Wallagga Bahaa aanaa Eebantuu irraa walitti qabaman. Bakkootni kunniin mala akkayyoon kan filataman yoo ta'an; raghimtoonni ammoo mala darbaa dabarsoon filataman. Raghimtoota kanneen irraa ragaaleen mala daawwannaa, afgaaffiifi marii garee xiyyeeffannootiin funaanaman. Qorannoon kun dhiyaatina sanyabsaa, paaradaayimii xiinhiikaafi yaadiddama haalawaa fayyadamuun kan geggeeffame yoo ta'u; ragaaleen mala akkamta ibsaatiin xiinxalaman. Ragaalee tooftaalee adda addaan funaanaman xiinxaluun argannoowwan qorannichaa bira gahaman nijiru. Isaan keessaa kan jalqabaa ergaa geerarsa Oromoo Maccaatiin darbu hubachuuf haala jiruufi jireenya hawaasichaa, seenaafi duudhaalee Oromoo ganamaa, hariiroo hirmaattotaa, haala geeraraan dhimma isaa ittiin dabarfatuufi dhaggeeffattootni jalaa cookan, tartiiba ittiin geeraramu, sirna wal harkaa ittiin fudhatanii xumuran ilaaluun ergaa guutuu ta'e hubachuuf baay'ee barbaachisaa akka ta'etu bira gahame. Argannoon qorannoo kanaa inni biroon, hawaasni Jaawwii Maccaa arjaa, hayyuufi gootaaf kabaja guddaa akka qabaniifi sadan keessaa gootni hunda caalaa kabaja ol'aanaa akka qabutu hubatame. Kanarraa kan ka'e geerarsa osoo hayyuu, arjaafi namootni umriin raagan jiranii qondaalatu eegala. Qondaalli akka sirna gadaatti dargaggeessa gulantaa kuusaatti diina yookiin bineensota gurguddoo horii miidhuuf dhufan uleen ajjeesuun gootummaa galmeessedha. Yeroo booda garuu mootonni gosaa Jaawwii Maccaa keessatti dhalatan duudhaa Oromoo ganamaa kanarra darbuun abbumti barbaade bineensota gurguddoo biyya fagoo deemanii ajjeesuu akka eegalaniifi kun aadaa Oromoo ganamaa akka hintaanetu hubatame. Geerarsi bakka daboo, waamichaa, ijaarsa manaa, Jila Gadaafi bakkoota hawaasni gammachuuf walga'etti geerarama. Kana malees geerarsa dargaggeessa (dhiira) gulantaa kuusaa (25) ga'eefi ga'eeyyii sanaa olii jireenya keessatti rakkinaafi bal'ina arguun muuxannoofi hubannoo horatantu geerara. kunimmoo haalonna geerarsa Oromoo Jaawwii Maccaa duudhaalee sirna Gadaa waliin hidhata guddaa akka qabaniifi duudhaaleen kun booda jijjiiramaa akka dhufantu bira gahame. Geerarsi kuusaa beekumsaafi seenaa Oromoo Jaawwii Maccaa ta'e kun yeroo ammaa bakkoota hedduutii badee bakkoota qubaan lakkaa'aman qofaatti hafee jira. Kanaaf, Waajjiraaleen Aadaafi Turiizimii sadarkaan jiran geerarsa yoomess dhugaa keessatti geeraramu funaanuun osoo olkuusanii. qorattoonni qorannoo dabalataa osoo geerarsa irratti hojjetaniifi ogeeyyiin sirna barnootaa geerarsa kitaaba barnootaa keessa galchuun dhaloonni bifa barreeffamaan akka baratu osoo taasisanii gaariidha.</i></p>	<p>Article History: Received: 25-08-2024 Revised: 18-09-2024 Accepted: 29-11-2024</p> <p>Jechoota Ijoo: haala, geerarsa, Oromoo Jaawwii, yaadiddama haalawaa</p>
	<p>*Qorataa Muummee: Dajanee Galataa</p>
	<p>e-mail: dararaabera@gmail.com</p>

1. Seensa

Fookloorii keessatti haalli wantoota akka nama afoola sana dhiyeessuu, dhaggeeffattoota, hariiroo nama dhiyeessuufi dhaggeeffattoota, adeemsa raawwiin sun ittiin agarsiifamuufi seenduubee qooda fudhattoota (fakkeenyaaf, koorniyaa, umrii) kan hammatudha. Kana malees eenyummaa qooda fudhattoota, yeroofi bakka raawwiin sun itti dhiyaatuufi dhimmoota haala sana keessatti raawwataman hundaa dabalata (Claus & Korom, 1991).

Haalli yeroofi bakka afoolli sun itti raawwatamu (*physical settings*), haala hawaasummaa, hariiroo nama afoola sana agarsiisuufi hirmaattotaa, haala raawwiin sun keessatti dhiyaatu hunda dabalata. Kunis fookiloorii keessatti haala kan jedhamu haala afoolli sun ikeessatti dhiyaatuufi raawwii isaa waliin hidhata qaban kamuu haala ta'uu danda'a. Afoola haala inni keessatti raawwatameefi aadaa keessaa baastee faayidaafi ergaa isaan xiinxala jechuun rakkisaadha (Sims fi Stephens, 2005).

Dan Ben-Amos (1993) yaadrimee haala jedhu yoomessaafi haala aadaa hawaasa jechuun bakka gurguddaa lamatti qoode. Yoomessa kan jedhu kun yeroo, bakkaafi haala qabatamaa afoolli sun keessatti dhiyaate yoo ta'u; haalli aadaa yoomessa bal'aa kan akka

bakka bu'ummaa, beekumsaafi hubannoo nama hurruubuu, seerota hordofaman, amantaa, dubbii qoolaafi hidhata inni seenaa, seendubee fi eenyummaa hawaasa sanaa waliin qabu ilaallata (Sims fi Stephens, 2005).

Sims & Stephens (2005: 138-150) akka ibsanitti, haalli waantota gurguddaa afur: haala mul'atu, haala hawaasaa, agarsiiftuu sirna rawwiifi guuchistuu of jalaa qaba. Kunis a) Haala Mul'atu (*Physical Context*): Haalli mul'atu nama hurruubu, dhaggeeffattoota, keessummaa daawwatu (qorataa), bakka, yeroo, afoolli sun keessatti dhiyaatu, sochii naannoo sana jiru, mallattoowwan (fakkeenyaaf kolfa harka facaasuu) meeshaalee aadaafi haala naannoo sanatti mul'atu kan agarsiisudha. b) Haala hawaasaa (*Social Context*): Haalli kun garee hawaasaa sana waliin wantoota hidhata qaban kanneen akka garee hawaasaa sana mataa isaa, seenduubee sabummaa, amantii, hojii, aadaa, koorniyaafi sadarkaa nama hurruubuufi dhaggeeffattoota kan ilaallattudha (Sims & Stephens, 2005 139_143). Kana malees, hariiroo hirmaattotaa, sadarkaa hawaasaa (*social status*)fi achii dhuftee hawaasichaa afoola sana keessatti callaqqisu hundaa hammata. Kan biroon c) Agarsiiftuuwwan Sirna Raawwii afoolaa (Performance Markers and Framing) ruqoolee haalaa xiyyeeffannoo barbaadan keessaa

3ffaan ammoo adeemsa sirna raawwii afoolli sun ittiin seeneffamu yoo ta’u, kunis osoo afoolli sun hin eegaliin waantota raawwatan, yeroo raawwii afoolaa kana wantoota raawwataniifi akkaataa itti xumuraman kan agarsiisudha. Kunis akkaataa itti eegalu, akkaataa itti ce’u, itti xumuramu ilaalchisee mallattoowwan, jechootaafi gochoota kanneen ibsan jechuudha. Tartiiba afoolli sun ittiin dhiyaatu jechuudha. Yaada kana Sims & Stephens “*Another crucial element of context: those actions, words or other signs that let us know a performance is about to take place, is taking place, and is finished. We often call these signs markers, and they are an important part of describing and analyzing performance*” (Sims fi Stephens 2005:141) jechuun ibsan. Kunis afoola keessatti ruqoolee haalaa jedhaman keessaa adeemsi sirna raawwii afoolaa ta’uu agarsiisa. Geerarsi ammoo akkaataa itti eegalan, itti walirraa fuudhan, akkaataa itti kennan kan mataa isaa qaba. Kanaaf adeemsi raawwii afoolaa haala geerarsa Maccaa jedhu keessatti xiinxalame jechuudha. Geeraraan xiyyeeffannoo dhaggeeffatootaa hawwachuuf gochootniifi dhaadannoowwan taasisus as jalatti hammatamu. d) Guuchistuu (Reflexivity): Guchistuun ruqoolee haalaa keessaa tokko taatee raawwiin afoolaa agarsiifame ykn himame sana seenaa kanaan dura

raawwatamee darbe waliin walitti hidhuuf, akkasumas sababa qorataan (namni haaraa) gidduu isaanii jiruufi sababoota biroofis raawwii afoolaa waraabame keessatti kan irra utaalame hirmaattota irraa adda baafachuudha. Fakkeenyaaf, maatiin tokko gaafa keessummaan isaan gidduu hinjirre afoolli dhiyeessaniifi gaafa keessummaan jiru kan dhiyeessan garagarummaa qabaachuu danda’a. Kunis gaafa keessummaan jiru dhimmi irra utalamu jiraachuu male jechuudha (Sims fi Stephens, 2005 (F.144). Qorataanis qorannoo kana keessatti haala guchistuu kana geerarsaafi seenaa geerarsa sana waliin hidhata qaban duubatti deebi’uun qoratee ergaa geerarsa sanaa waliin xiinxaluuf itti gargaarame.

Akka Claus fi Korom (1991) ibsanitti haalli wantoota gurguddoo afur of jalaa qaba. Arfan kunneenis, haala aadaa, haala raawwii, haala namoota dhuunfaafi haala walbira qabii (comparative contexts)tti qoodamu. Iffaan Haala Aadaa (The cultural context): Inni kun haala aadaa hawaasa sanii waliigalaa yoo ta’u afoola dhiyaate sana haala aadaa hawaasichaa waliin wal simsiisuun hirmaattota afoolaa sana biratti hiikaafi ergaa akkamii akka qabu adda baafachuudha. Kunis afaan isaan fayyadaman, fayyadama uunkaa xinqooqaa adda ta’e, hiika jechaafi afaanii qofa osoo hintaane fakkoommii, duudhaafi aadaa hawaasa sana

waliin wal simsiisuun ilaaluudha. Fakkeenyaaf, tapha geggeeffamu tokko fakkoommiifi hidhata inni aadaa waliin qabu ilaaluudha. 2ffaan haala raawwii (The performance context); Kun haala hawaasaafi adeemsa afoolli sun ittiin dhiyaatu, yeroofi bakka waanti sun itti raawwatu ilaallata. Kana malees, sadarkaa hawaasaa nama hurruubuu, haala uffannaaafi haala dhaggeeffattoota, yoomessaafi bakka afoolli sun itti himamu ykn agarsiifame (fknf mana, waltajjii) ilaallata. 3ffaan haala dhuunfaa (The individual context): Fookilooriin ykn afoolli hawaasa keessa osoo hintaane sammuu namoota dhuunfaa keessa jira. Afoolli waan garee ta'us hirmaattonni hundi ga'eefi qooda walfakkaataa hinqaban. Kanaaf haala hurruubaa sana kaan irraa adda godhu taasisu ilaaluun barbaachisaadha. 4ffaan haala dorgomsiisaa (The comparative context): Kun hojii namootni adda addaa dhiyeessan sana walbira qabuun xiinxaluudha. Kunis hidhata hafeen tokko isa kaaniin qabu adda baafachuuf gargaara. Haalli kun aadaafi raawwii afoolaa ol taruun xiinxala gad fagoo geggeessuuf gargaara. Kanaafuu qorannoo kana keessatti yaada Claus & Korom (1991), Sims & Stephens (2005) bu'uura godhachuun haalli kan ibsame yoo ta'u; haala raawwii geerarsaa Maccaa kan jedhu haala naannoo, haala hawaasaa, agarsiiftuu sirna Raawwiifi haala

aadaa hawaasichaa dhimmoota jedhan ofjalaa qaba.

Geerarsi gosa afoola Oromoo keessaa tokko ta'ee yeroo hedduu quuqqaafi miira gad fagoo (gadda, gammachuu, aarii, mufannaa, mararfannaa) namatti dhaga'ame ittiin ibsachuuf gargaara. Geerarsa Oromoo kana Finnegan (1970:211) "*The Oromo gheeraera, warriors' boasting is often in the form of a challenge, same times hurled between two armies challenge to another clan to fight at an appointed place used to be delivered in this form and it was also used to insult the enemy before the battle. The gheerar is characterized by a note of urgency and rapid movement and traditionally recited on horseback*" jechuun ibsiteetti. Akka yaada kanaaatti, geerarsi Oromoo afoola ariitii guddaan hurruubamu ta'ee gosoota wal lolan lama gidduutti bifa waldorgommii kan raawwatudha. Kana malees loltoonni osoo dirree lolaa hinga'iin gosti tokko gosa biraa ittiin qeequun nuti caalaa walmorku, diina loluuf deeman osoo bakka beellamaa hinga'iin ittiin arrabsuufis itti gargaaramu. Ibsi kun Sirni Gadaa Oromoo erga laafee moototni gosaa bakka add addaatti dhalatan qe'ee qe'ee ofii bulchuufi tokko isa kaan cabsuuf walmorkii guddaatu ture bu'uura godhachuun kenname. Kunis moototni gosaa dhalatan kun geerarsa fayyadamuun lola qorqalbii walirratti geggeessaa turuu isaanii

agarsiisa. Geerarsa Oromoo ilaalchisee Sumner C. (1997:207) “Many heroic songs are applicable to any heroic situation in general whether it be war or hunting, they only praise the brave and insult the coward or the fool” jechuun yaaduma armaan olii cimse.

Finneganiifi Sumner dhimma geerarsa Oromoo yoomessa waraanaafi adamootti hidhuun hiikuu yaalan. Haata’u malee geerarsi yeroo lolaa kan geeraramu ta’us, hirmaattonni geerarsaa dhimmoota aadaa hawaasichaa, hariiroo hawaasummaa, dhimmoota siyaasaafi dinagdee keessatti muuxannoofi mudannoo qabn dirree itti waliif qoodanidha. Geerarsi bakka hojiitti namoota hojiif kakaasuuf, bakka cidhaatti nyaatanii dhuganii, akkasumas hojii daboon hojjechaa oolanii mukuu ittiin ba’uufis geeraramuu danda’a. Nagaso Gidada (1983) adamsituun yoo ajjeesee galu maatiifi namoota naannoon simannaa guddaan akka taasifamuufi maatiin jila guddaa qopheessee akka simatu ibse. Ajjeesaan kunis geerarsaan muuxannoo isaa, rakkoowwan keessa darbee ajjeeseefi milkaa’ina argate hirmaattootaaf qooda. Akkasumas, haadhaafi abbaa isaa faarsa, goota nijaja, dabeessaafi nama dadhabaa ammoo ni arrabsa jechuun ibse. Yaada kanarraa geerarsi dirree namootni jabduu hojjetan hojii isaanii itti dhiyeessanidha. Kunis, beekaan ogummaa isaa dirree itti hirmaattotaaf qoodu, gootniifi arjaan hojiiwwan hojjetan iddoo itti namootaaf

dhiyeessanidha. Kunis, geerarsi beekaa faarsee wallaalaa qeequun barsiisa; arjaa jajee dhoqna qeequun arjummaa shaakalsiisa; goota jajee dabeessa arrabuun onnee itti hora jechuudha.

Geerarsa genre was also instrumental in defending oneself against unkind remarks made about one’s traits and accomplishments. The *geerarsa* genre has long made functional transformations. Peasants used the *geerarsa* genre to express pathos of their victimization in the hands of local officials” (Jeylan W 2005: 20). Yaadni kunis geerarsi meeshaa miidhaa namarra ga’e kan ittiin ofirraa faccisan, ciminaafi waan dalagan kan ittiin himatanidha. Qote bultoonni miidhaa bulchitooonni naannoo irraan ga’an geerarsatti fayyadamanii gadda isaanitti dhaga’ame kan ittiin ibsatanidha.

Geerarsi dandeettii, dinagdeefi gootummaa ka’umsa godhachuun geeraraan jabduu ofii, jabduu maatii isaa, jabduu fira isaa, balbala isaa, gandaafi gosaa isaa kan ittiin faarsudha. Geerarsa keessatti geeraraan cimina qofa osoo hintaane gaabbii, milkaa’uu dhabuu, miidhamuufi hiyyummaa isaas geerarsaan ibsata. Akkasumas maatiin, balballiifi gosti Oromoo adda addaa geerarsaan jabduu ofii ibsaa gosa biroo ittiin qeequ. Gosti geerarsaan tuqames geerarsamaan deebii deebisaaf. Ka’umsi yaada kanaa Oromoon sadarkaa adda

addaatti gareen qindaa'u Eshete'n akkasitti ibsa: "Next to the family are relatives (*fira*), neighbours (*ollaa*), lineage (*balbala or qomoo*), community (*ganda*) and clan (*gosa*) are important social networks. All these social groups act as the corporate identity- that is, as the collective image in which all the members share common interests and values" (Eshete, 2008, p. xviii) jedha.

Yaada Eshete kana "The two greater moieties of the Oromo society are the Borana and the Barentuma. The society's traditional social organization is defined in terms of segmentary patrilineal system wherein moieties (federations), clans, sub-clans, sub-sub-clans, lineages and families constitute the hierarchical and interacting networks of social organization (Jeylan W, 2017) jechuun ibse. Yaada Eshetefi Jeylan kanarraa Oromoon maatii, *fira*, *finna*, *balbala*, *qomoo*, *gandaafi gosaan* wal ijaaree jireenya isaa akka geggeeffatu hubanna. Geeraraanis geerarsaan maatii, *fira*, *finna*, *balbala*, *qomoofii gosa* isaa ittiin faarsuun, namoota yaada faallaa garee isaa dhaabbachuun garee isaa tuqan ammoo geerarsaan deebii kenna.

Geerarsi gosa afoolaa kan uunkaa walaloon dhiyaatu ta'ee miiraafi fedhii ofii gad fagoo, yeroo baay'ee gammadan ykn yeroo baay'ee aaran kan ittiin ibsatanidha. Geerarsi jabduufi

milkaa'ina argatan, injifannoo argatan, yookaan ammoo dhama'anii milkaa'uu dhabuu, dhugaa ofii sarbamu, diinaan miidhamuufi madaa keessa ofii ittiin himatu.

Qorannoon kunis haalota geerarsa daboo Oromoo Jaawwii Maccaa irratti geggeeffame. Kaayyoon qorannoo kanaa, seenaafi aadaa hawaasaa, hariiroo hirmaattotaa, yoomessa geerarsaa, haala geerarsi itti eegalu, wal harkaa itti fuudhamuufi geerarsi itti xumuramu sakatta'uun beekumsa aadaa hawaasichi kuufatee xiinxaluudha.

2. Malleen Qorannichaa

Qorannoon kun haalota geerarsa daboo Oromoo Jaawwii Maccaa qorachuudha. Qorannoon kun haalota geerarsa daboo Oromoo Jaawwii Maccaa irratti xiyyeeffachuun geggeeffame. Kanaafuu, qorannoon kun gosa qorannoo sanyabsa sakattaa (*ethnographic survey*) jalatti ramadama. Beekduubeen qorannoo qorataan qorannoo kana geggeessuuf fayyadame beekduubee xiinhiikaati. Akka beekduubee xiinhiikaatti beekumsi aadaafi seenaa, muuxannoofi hubannoo hawaasni waliin ijaarratedha. Kunis amala namootaa ta'insoota haala galumsa hawaasummaa keessatti qorachuuf filatamaadha. Namootni adunyaa keessa jiran, naannoofi ofii isaanii akkaataa itti ilaalaniifi hiika itti kennan qorachuuf kan gargaarudha. Qorataan ragaalee

qorannoo xiinxaluuf muxannoo duraan qabuufi hubannoo ragaalee irraa argate fayyadama (Krauss, 2015) yaada jedhu qaba. Qorataan kunis miseensa hawaasa qorannoo irratti geggeessu kanaa waan ta'eef hubannoofi muuxannoo isaa gargaarameera.

Kanaafuu beekduubee xiinhiikaa kana waliin kan deemu yaadiddama haalawaa bu'uureffachuun ragaaleen qorannoo kanaa xiinxalame. Yaadiddamni haalawaa makaa yaadiddamoota adda addaati. Kana malees, yaadiddamni haalawaa yoomessa, hariiroo hirmaattotaa, hurruubummaafi akkaataa afoolli sun itti hurruubameef bakka guddaa kenna. Xiyyeeffannoon yaadiddama kanaa hafee (text) caalaa yoomessa hurruubummaan keessatti raawwatame xiinxala (Dorson, 1972). Yaada kana (Finneganis (2012) afoolli afaaniin dhiyaatee gochaan qabatamummaan isaa mirkanaa'aa jette. Ragaaleen fudhatamanis, qajeelfamoota ragaalee barreeffamatti jijjiiruu (Peter Bartis 2002) addeesse bu'uureffachuun barreeffamatti erga jijjiiramanii booda mala qorannoo akkamtaa ibsaatti dhimma ba'amuun xiinxalaman. Sababiin isaa ragaaleen geerarsaa bifa afwalaloon waan jiraniif jechaan xiinxaluuf mijatoodha.

Ragaaleen qorannoo kanaa Godina Horroo Guduruu Wallaggaa aanaa Jimmaa Gannatiifi Wallagga Bahaa aanaa Eebantuu irraa

funaanaman. Bakkootni kunniin mala akkayyootti (purposive sampling) dhimma ba'amuun filataman. Sababiin isaa, sakatta'a gara iddoo qorannoo kanaatti osoo hindeemiin qorataan taasiseen iddoowwan kunneen geerarsa yoomessa dhugaa keessatti geeraramuufi duudhaaleen Oromoo ganamaa itti argaman waan ta'eefidha. Kunis, qorannoon kun gosa qorannoo sanyabsaa waan ta'eef, geerarsa yoomessa dhugaa keessatti geeraramu argachuuf yaadameeti. Wolcott (1999) akka ibsetti, beekumsi qorannoo sanyabsaa muuxannoo gareen hawaasaa tokko qabu waan ta'eef, ragaalee isaa mala dawwannaa, marii garee xiyyeeffannoofi afgaaffii gad fagoo fayyadamuun filatamaadha. Kanarraa ka'uun ragaaleen qorannoo kanaa malleen dawwannaa, afgaaffiifi marii gareen waan funaanamaniif ragaaleen madda lffaa irraa walitti qabaman. Maddeen kunis dawwannaa hirmaachisaa lama, marii garee xiyyeeffannoo sadiifi afgaaffii caaseffamoo namoota kudhan irraa ragaaleen funaanaman.

3. Xiinxala Ragaaleefi Argannoowwan

Kutaan kun bakka ragaaleen geerarsaa funaanaman itti dhihaataniifi xiinxalli isaanii itti adeemsifamedha. Geerarsa Oromoo Jaawwii Maccaa dhimmoota hawaasummaa irratti geeraramantu seenaafi aadaa hawaasichaa waliin walsimsiisuun xiinxalame.

3.1 Haalaafi Hariiroo Hirmaattotaa

Oromoon Jaawwii Maccaa akkuma gosa Oromoo kamiyyuu bulchiinsa mootota akka Abiishee Garbaa, Dhugumaa Jaldeessoo, Dagaa Horoofi Qadiidaa Wannabee dura sirna Gadaan bulaa ture. Akka sirna Gadaatti ammoo ijoolleen gulantaa dabballeefi Gaammee xixiqqaa keessatti argaman hojii ulfaataa akka daboo kana hojjechuu akka hinqabne Gadaan nidhorka. Geerarsa daboo dawwatame irratti dargaggeessi umrii xiqqaan waggaa 17dha. Waggaan kudha torba akka sirna Gadaatti Gulantaa Gaammee gurguddaati. Dabooma kana irratti Umriin guddaan ammoo, manguddoota waggaa 75fi 81 tu jira. Umriin hirmaattota hafanii 18-51 gidduutti argamudha. Namootni umriin 75fi 81 akka hirmaattota kaanii hojii boqqolloo cabsuu osoo hintaane boqqolloo hirmaattonni kaan cabsan walitti qabuu, bakka boqqolloon itti kuufamu qopheessuufi hojiiwwan sasalphaa hojjechaa turan. Kunis aadaa Oromoo keessatti kabajaafi kunuunsa namoota umriinraaganiif godhamu agarsiisa. Kana malees daboon aadaan wal waliin hojjechuufi wal gargaarsaati malee liqaa waliif deebisuu miti. Namootni umriin raagan kun daboo namoota osoo deemuus baatanii hawaasni naannoo namoota humna hinqabne kana daboo ba'ee gargaaruun aadaa hawaasa Oromoo ganamaati. Haata'u malee akka sirna Gadaatti namni umrii 80 olii

hojii kamiyyuu keessatti hinhirmaatu. Hojii humnaa irratti qooda fudhachuu mitii namoota cidha qabaniifuu gumaata hinkennu. Kanaafuu manguddoon umrii 81 daboo irratti hirmaachisuun aadaa Oromoo ganamaa irraa kan maqedha. Kunimmoo Oromoon Jaawwii Maccaa Sirna Gadaan buluu erga dhiisee waan bubbuleef duudhaaleen Gadaa hedduun dagatamuu isaanii agarsiisa.

Geeraraan nama geerarsa geeraru yoo ta'u, dhiira yaada bulfatetu geerara. Dhiirota keessaayyuu namoota yaada bulfataniifi dargageeyyii fuudhan ykn fuudha ga'an malee ijoolleen hingerartu. Garuu, bakka geerarsaa sana yoo jiraatan namoota biroo waliin jalaa qaboo irratti nihirmaatu. Geerarsa ga'eeyyii horachuuf carraaqanii itti milkaa'an yookaan hinmilkaa'iin hafaniifi manguddoota muuxannoofi mudannoo qabantu geerara. Ragaaleen dawwannaa daboo aanaa Jimmaa Gannatii Mudde 13, 2013 akka agarsiisutti dargaggoota daboo irratti hirmaatan keessaa ijoolleen umrii isaanii digdamii lamaafi isaa gadii afur kan jiran yoo ta'u arfanuu geerare. Namootni geeraran namoota umriin isaanii digdamii sadiifi sanaa oliitu geerarsa geerare. Umriin digdamii sadii sirna Gadaa keessatti bara ijoolleen gulantaa Gaammee gurguddaa irraa gara Kuusaatti ceetudha. Gulantaan kuusaa dargaggoota umrii digdamii afurii (24) hanga soddonii lamaa (32) jiran kan

hammatudha. Oromoon waan hundaa falaasama Gadaatiin wal qabsiisa. Kanaafuu akka ragaalee qorannoo kanaatti ijoolleen daboo irratti sadarkaa Gulantaa Gaammee gurguddaatti kan eegalan yoo ta'eyyuu; geerarsa dargaggoota sadarkaa gulantaa Gadaa kuusaafi ga'eessota sanaa oliitu geerara jechuudha.

Geerarsa qondaala mirga qabutu eegala. Qondaalli maqaa dargaggoota gulantaa kuusaati. Sirna Gadaa keessatti dargaggoonni gulantaa kuusaatti qabeenya handhuuraafi jila maqbaasii irratti fudhatan hunda maatii irraa fudhatanii fooqa yookiin darabaa galu. Bakka darabaa galan kanatti bineensota gurguddoo horii isaanii irra miidhaa dhaqqabsiisuuf dhufan ofirraa dhorkuuf itti gaafatamummaa qabu. Kanaaf sadarkaa kanatti bineensota gurguddoo ajjeesuun ijoollee umrii kanaaf akka mallattoo gootummaa guddatti ilaalama. Sababiin isaa dargaggoonni gulantaa kanatti bineensota horii isaanii nyaachuuf dhufan uleefi eeboo gargaramanii horiirraa dhorkuun akka gootummaa guddaatti ilaalama. Yeroo kanatti bineensota kana namni ajjeese i addatti maqaa qondaala jedhu argata.

Akka manguddootni aanaa Eebantuu afaaffii (Amajji 20, 2013) ibsanitti, dargaggootni osoo hin fuudhiin qondaalomani guyyaa cidhaa durbi hin arrabsitu. Gaafa fuudhe haadha warraa

isaaf dubartoonni biroo yoo karaa imalan dura deemsisuun, yoo bishaan waraabbatan dursa kennuun kabajaafi ulfina isheef qaban agarsiisu. Qondaalummaa duudhaa sirna Gadaa waliin hidhata qabu kana cabsuun erga fuudhanii kabaja qondaalli hawaasa Jaawwii Maccaa keessatti qabu argachuuf, bakka bineensotni gurguddoon jiran adamsuun ajjeesuun garuu aadaa Oromoo ganamaa miti. Kanaafuu, akka ragaalee afaaffii manguddoota kanaatti qondaalli hawaasa Oromoo biratti kabajaafi jaalala guddaa waan qabuuf moototni xixiqqoon Maccatti dhalatan anatu caalaa walitti dhaadachuuf bineensota gurguddoo adamsanii ajjeesuun akka jalqabaniifi sun suuta hawaasa bal'aa biratti baratamaa ta'aa akka dhufe agarsiisa.

Ragaaleen qorannoo kanaa akka agarsiisanitti geerarsa hanga qondaalli mirga qabu afaan banatutti yookiin eegalutti hirmaattonni eegaluu hindanda'an. Hirmaattonni biroo qondaalli akka geeraruuf faaruu saayyee, buddenaafi sirb gootaa kan akka immoolee sirbanii soosisuun dadammaqsu. Hawaasa Jaawwii Maccaa keessatti mirga qaba kan jedhamu nama biyyaaf loluun diina biyyarraa deebise yookiin nama bineensota beekamoo ta'an kanneen akka yeeyyii, leencaa, arbaafi gafarsaa ajjeesanidha. Qondaalotni hedduun yoo jiraatan hunda dursee abbaa yeeyyiitu akka saree wuwu...wuwu.. wuwu jechuun

eegala. Yeeyyiin angafa hundaa kan taateef gareen waan deemtuuf bineensota kaan ni injifatti, keessayyuu bineensota gurguddoo udduun seentee mar'umaan nyaattee jiksiti jedhu. Namni yeeyyii ajjeese dutuun kanneen biroof ofkaltii kenna malee mirga isaa maqaa waamee akka kaanii hingeeraru. Namni mirga yeeyyiin qabu dur akkuma qondaalota kaanii nigeerara ture. Mirga yeeyyiin geeraruun kan hafe yeroo dhiyoo as akka ta'e himama. Sababiin isaa yeroo tokko dubartiitu miila dhiqattee (afaan ammaan qayyattee) rafuuf jetteetu waciitiitti bishaan qabattee yoo gad baatu yeeyyiin itti dhufte jennaan rifattee waciitii sanaan dhoofttee ajjeefte. Dubartiin Oromoo galgala galgala abbaa warraafi ijoollee erga raffiftee booda dhiqattee qayyattee rafuun gocha baratamaadha. Kanarraa ka'ee bineensa dubartiin waciitiin dhoofttee ajjeefuun of dhaaduun qaaniidha jedhameetu yeeyyiin geeraruun hafe jedhamee himama.

Kanaaf, namni mirga yeeyyii qabu akka saree dutee ofkaltii kennuun namootni mirga leencaa, arbaafi gafarsa ajjeesan tartiibaan geeraru. Namni mirga leencaa qabu akkas jedhee eegala.

'Hoomaan oofee abbaa Dargee

Leencan Gudeeda darbee' jedhamee geerarama.

Geerarsa kana keessatti 'abbaa daargee' jechi jedhu maqaa Oromoon Maccaa leenca ittiin waamudha. 'Leenca gudeedan darbe' kan jedhu ammoo namni leenca ajjeese akka nama arbaafi gafarsaa ajjeessee bakka inni kufetti hin yaabbatu. Sababiin isaa Leenci Boorana jedhanii amanu. Jaawwii Maccaa biratti Boorana jechuun nama jechuudha. Kanaaf namni leenca ajjeese akka dhiira dubartii waliin ciisuutti gudeeda isaa adda banuun hammatee waliin ciisa. Gochi kun ammoo gudaada darbuu jedhama. Kanaafuu namni mirga leencaa qabu "Hoomaan oofee abbaa Dargee; Leencan gudeeda darbee' jechuun geerarsa eegala. Yeroo kaan ammoo akka leencaa aaduu, quboota isaa akka leenca qeensa yaasuu fakkeessuufi gocha leenci ittiin beekamu biroos agarsiisuunis eegaluu danda'a.

Yoo namni mirga yeeyyiifi leencaa qabu hinjiraanne abbaa arbaatu geerarsa eegala. Arbi humbii isaatiin muka jigsee muka sanaan nama rukuta waan ta'eef; gafarsa caalaa cimaadha jedhamee amanama. Gochaafi amala arbaa keessaa tokko iyyuudha. Kanaaf namni mirga arbaa qabu waa caccabsuufi iyyuun geerarsa eegala.

Bakka abbaan yeeyyii, leencaafi arbaa hinjirretti abbaa gafarsaatu geerarsa eegala. Gafarsi Booroo, Dhidheessa keessa baay'inaan waan tureef/jiruuf hawaasa Jaawwii Maccaa

keessa namootni gafarsa ajjeesan namoota mirga biroo qaban caalaa baay'atu. Gafarsi kolbaa yookiinn gaafa isaan beekama. Kanaaf abbaan gafarsaa harka isaa akka gaafa gochuun akka korma aaree afuura dheeraa baafachuun, gaafa sanaan nama waraanuun eegala. Qondaaltonni gochoota bineensotaa kana agarsiisuun afaaniin geeraru caalaa hirmaatota geerarsa sanaa bashannansiisa. Kanaaf bakka qondaalotni jiranitti raawwiin geerarsaa ho'aafi hawataadha.

Bineensota miidhaa namarraaan geessisan ofiifi horiirraa dhorkuun gootummaadha jedhamee amanama. Keessayyuu bara lafti bosonaa horii bobbaasani galchuun gootummaa guddaa gaafata. Yeroo ammaayyuu Karrayyuufi Boorana biratti looniifi gaala dhiira qawwee qabutu tiksa. Kunimmoo yeroo amma Jaawwii Maccaa keessa jiraachuus baatu, dur yeroo bosonni baay'inaan jiru bineensotni gurguddoo bosonaa sana keessaa ba'uun miidhaa dhaqqbasiisuu waan danda'aniif loon bineensota kanarraa tiksuun gootummaa akka barbaadu hubachuun nidanda'ama. Kanaafuu qondaalli mirga leencaa qabu geerarsa akkana jedhee eegala.

Daalachoo gurra lootii

Funaanaa jabbii kootii

Burree qeensa qarabaa

Nyaataa jabbii darabaa

Kaa godhee kambar godhee

Dhiigasaa rambaa godhee

Geeraraan kun leenci inni ajjeese kan jabbii fooqaa yookiin darabaa nyaachuu dhufe ta'uu 'Burree qeensa qarabaa, nyaataa jabbii darabaa' jechuun ibse. Dargaggeessi Oromoo tokko Sadarkaa Gadaa keessaa kuusarra gaafa ga'u loon maatiin kennaniif qabatee baatii tokkoof hiriyyoota isaa waliin fooqa yookin darabaa galu. Bakka Fooqa galan kanatti bineensotni gurguddoon kun dhufanii isaaniifi horii isaaniirraa miidhaa geessisu. Loon isaanii jalaa nyaachuufi ari'anii facaasuun ture. Bineensotni gurguddoon kan akka leencaa, arbaafi gafarsaa ijoollee kuusaa kana mataa isaanii miidhuu waan danda'aniif cimani ofiifi horii isaaniirraa dhorkuun dirqama.

Geerarsa yoo namootni mirga qaban hinjirre namoota gurguddootu eegala. Geerarsi namoota mirga hinqabneen geeraramu kun geerarsa gurguddoo jedhamee beekama. Namootni gurguddoon osoo taa'anii ga'eeyyiin biroo geerarsa hin eegalan. Yoo seeraafi sirna kana cabsan ofkaltii gaafachuun eegalu. Yoo Haalli akkasii uumame akkana jechuun geerarsa eegaluu danda'u.

Gurguddoof nooruu nooruu

Angafaaf nooruu nooruu

Buddeenaaf nooruu nooruu jechuun eegalu.

Seensa geerarsa kana keessatti gurguddoon namoota abbaatti, akaakayyuutti geeraraaf oolan yoo ta'an, angafootni ammoo obbolaan garaa tokkoofi kan biroo kanneen isa angafaniifi buddeena nyaatanii ka'an yoo maaddiin hinkaane ta'e maaddii safeeffachuun akkanaa eegalama. 'Nooruu nooruu' jechuun jechi ijoolleen angaafi gurguddaa safeeffachuuf ittiin waamtudha. Keessaayyuu Naannoo Shawaa Lixaafi Horro Guduruu Wallagaatti ijoolleen nama guddaa 'Nooruu Nooruu' jettee nagaa gaafatti. Kunimmoo nooruu nooruun akkaataa geeraraan kabaja namoota umriin isaa ol jiraniif qabu agarsiisuu fayyadamudha jechuudha.

3.2 Haala Geerarsa Walirraa Itti Fudhatan

Geerarsi geeraramuu erga eegalees akkaataa geerarsa wal harkaa itti fudhataniifi itti kennantu jira. Kunis namni biraa osoo geeraraa jiruu geeraraan biroo akkaataa isa harkaa itti fudhatuufi geeraraan yoo geerarsa kennuu barbaade akkaataa miira isaa itti ibsatu kan agarsiisudha. Isaan keessaa tokko geeraraan hiriyyoonni, fironniifi hirmaattonni biroo geerari geerari jechuun akka inni geeraru kakaasuun geeraru danda'a. Geeraraan haala kanaan geerarsa geeraru eegalu akkas jedhee jalqabuu danda'a.

Geerar geerar naan jedhuu

Ani maalan geeraraa?

Anoo yaadan yeelalaa

Namni geeraree hinqufne

Baddaa Geedoo Jiraa

Geeraraan haala kanaan geerarsa jalqabu isa namootni akka inni geeraruuf kakaasaa turanidha. Geeraraan kun bo'oo(1-3) irratti namoota akka inni geeraruuf kakaasaa turaniif deebii kenne. Geeraraan kun geerarsa nama diina lolee injifate, nama hojjetee itti milkaa'etu geerara; ani waanan geeraru, injifannoon himadhu hinqabu; ani yaadan yeelala yookiin gunguma jechuun rakkoo keessa akka jiru himata. Yeelaluu Darajjee Fufaa yoo ibsu, "*It emanates from memories of past experiences – good old days. The poet forgets here-and-now, takes leave back to the process of incidence leading him to failure, and unconsciously and emotionally expresses his thoughts with broken hearts. Sharing such feelings to others is not easy. One lives his feelings and his attitudes about issues whether success or failure*" (Dereje Fufa, 2013) jedha. Akka yaada kanaatti yeelaluun gocha namni tokko rakkoo, gadadoo, yaadaafi yaaddoo isaa namatti himachuu hinbarbaadne keessa isaatti dhoksee gungumuufi ofitti haasa'uudha. Geerarsi ammo jabduu hojjetan (gootummaa, arjummaa, hayyummaa) waltajjii irratti himatanidha. Kanaafuu, onnee geeraru osoon qabuun waan geeraru hinqabu ergaa jedhu qaba. Seensa geerarsaa kana keessatti 'Namni

geeraree hinquufne Baddaa Geedoo jira' jechuun kan milkaa'eefi injifate Baddaa Geedoo jira jechuun Geedoon bakka inni jirurra, namni Geedoo jirus injifannoo, milkiifi cimina akka isa caalu agarsiisa. Haala geerarsa itti fudhatan keessaa kan biraan ammo geeraraa dursee geeraraa tureef kabajaafi ulfina agarsiisuun geerarsa fudhachuun nidanda'ama. Ragaan geerarsaa itti aanu kunis kanuma agarsiisa.

Simuruuree ya gindii

Anoo beekke sinmuruu

Nan si taraara malee

Si furuuree yaa hiriyyaa

Anoo danda'ee sinfuruu

Nan sigargaara malee

Jalaa qaboo kana keessatti bo'oon 1-3 walaloon kun akka mana rukutu miiltoo ta'e malee qabiyyee kana waliin hidhata hinqabu. Bo'oon 4ffaa sifuruuree ya hiriyyaa jedhu namni jalaa cooka kana dursee baase hiriyyaa yookiin nama umriin nama geeraraa jiruu kanaa waliin walgitu ta'uu agarsiisa. Kunis geeraraafi namni jalaa cooku kun hariiroo gaarii kan waliin qaban wal kabajan ta'uu mul'isa. Bo'oo 5ffaa irratti 'Anoo danda'ee sinfuru' kan jedhu si caalaa geeraruuf osoo hintaane sigargaaruuf yaada jedhu qaba. Kunimmoo hiriyyoonni kunniin kabajaafi jaalala guddaa waliin qabaachuu isaanii

agarsiisa. Geeraraanis haala kanaan gaafatamee kabajaan dabarsa malee itti fufee hingeeraru. Osoo dadhabuuyyuu baatee namoota fuulduratti hiriyyoota isaa qaanessuurra booda itti deebi'a malee namoota fuulduratti hiriyyoota isaa hinqaanessu. Kunimmoo geerarsa keessatti hiriyyootni, firootniifi namoonni hariiroo gaarii waliin qabataniyyuu akkuma hirmaattota biroo kabajaafi ulfina waliif kennu malee akka iddoo hojii, gabaafi iddoo biroo afaan qoosaafi taphaa walitti hindubbatan. Kun afaan geerarsa keessa jiru afaan ulfinaafi kabaja olaanaa qabu ta'uu agarsiisa.

Kana malees haalli geerarsa aOromoo Jaawwii Maccaa keessatti mul'atu inni biroon geeraraan geerarsa yoo eegalu kallattumaan qabiyyeetti hinseenu. Geeraru akka fedhan akkaataa itti himataniifi geerarsa itti eegalantu jira. Seensi geerarsaa akkaataa adda addaan seenama. Isaan keessaa tokko jamaa dhaggeeffatu ofkaltii gaafatanii eegaluudha. Namni jalqaba geerarsa eegalu kabajaa dhaggeeffattootaaf qabu ibsuuf kan oolu yoo ta'u yeroo biraa ammoo quxusuun angafa dursee yoo eegales ofkaltii gaafachuun barbaachisaa waan ta'eef angafoota isaafi jamaa sana ofkaltii gaafatee eegala.

'Qilleensi tokko dhufee

Qamaleen muka qaphuu

Dajanee G. fi Kb

Weenniin eegeekke qaphuu

Geeraraan tokko dhufee

Jaallataan dhaggeeffadhuu

Goomattuun gurra qaphuu

Geerarsa kana keessatti bo'oon 1-3 miiltoot jalaa qaboo kanaati. Miiltoon kunis qilleensi guddaan yoo dhufe akkuma qamaleefi weennii mukarraa kuffiisuu danda'u; geerarsi geeraraa kanaa humna guddaa qabaachuu agarsiisa. Kanaafuu namootni geeraraan hariiroo gaarii qaban akka gamamdaniifi kanneen hariiroo gaarii isa waliin hinqabne geerarsa isaa kanatti gammachuu qabaachuu dhiisuu akka danda'an agarsiisa.

Haala geeraraan nama irraa fuudhu dhabe itti xumuru

Geeraraan osooma geeraru namoonni biroo dadhabbi isaa arganii harkaa fuudhuu danda'u. Kana jechuun geeraraan akka dadhabe yookaan xumuruu barbaadu osoo hinibsine hirmaattonni sirna wal harkaa fuudhinsa geerarsaa eegani fuudhuun baay'inaan mu'ata. Haata'u malee, yeroo tokko tokko geeraree geeraree namni harkaa fuudhu yoo dhabame akkaataa itti xumuruti jira. Kunis jechoota sharaf, gaanfuree abbaluu, mucaa guyyaa akkanaa jechuun, dhaabbatee fooggaluun, ulee mirmirsee gad taa'uufi bifa geerarsaanis xumuruu danda'a. Bifa geerarsaan fakkeenyaaf akkana jechuu danda'a

Joornaalii Dilbii, Adoolessaa-Mudde 2024, 2(2), 136-169

'Maalan godha guddaasaa

Dubbiin aariidha kaasaa

Naga'eera fuudhaakaa' jechee xumuruu danda'a.

Namni haala kanaan xumuru, kan nama harkaa fuudhu dhabe, yeroo dheeraa geeraree dhaggeeffatoota isaa yoo komate yookiin geerarsa eegalee qajeeluufi didee yoo afaan qaqqabate haala kanaan xumura.

Ragaalee sirna wal harkaa fuudhinsaa kanarraa geerarsi sirna ittiin eegalan akkuma qabu sirna wal harkaa itti fuudhanii geeraran niqaba. Sirni kunis geeraraan osoo geeraraa jiru dandeettii isaa aja'ibsiifachaa, jaalalaafi kabaja isaaf qabu ibseetu geeraraan itti aanu geerarsa sana irraa fuudhuu danda'a. Sirna kana osoo hinhordofiin geerarsa nama geeraraa jirurraa fuudhuu yaaluun walitti bu'iinsa miseensota yookiin garee gidduutti uumuu danda'a. Kanaaf maguddootni geeraraan tokko osoo geeraraa jiruu inni kaan akka hingearre nihordofu; niqajeelchu. Kana malees namni geeraraa jiru nama isa harkaa fuudhu yoo dhabe sirna ittiin geerarsa kennu qaba. Kunis yeroo dheeraa geeraree dadhabuu irraa yookiin nama jalaa cooku dhabuufi walaloo itti aansee geeraru dhabuurraa madduu danda'a. Kanaafuu miseensotni geerarsa iratti hirmaatan geeraraan haala kanaan akka hinxumurre yeroo yeroon jalaa cookuun geeraraa gidduu gidduutti boqachiisu. Kana malee, dandeettii

isaa, fedhiifi miira inni itti fufee geeraruuf qabu ilaaluun geeraraan biroo wal harkaa fuudhanii geeraru. Kun hariiroo miseensotaa cimsuu keessattis shoora olaanaa taphata.

3.3 Haalota Geerarsa Cigoo Kaasan

Waltajjii geerarsaa irratti haalaafi sirna geerarsi itti eegalamuufi geeraraan tokko isa kaan irraa itti fudhatutu jira. Hirmaattota keessaa namni tokko olka'ee sirna kana yoo cabse akka hirmaattota sana tuffateetti ilaalama. Geerarsa irratti haalli akkasii yoo uumame hirmaattotni uleedhaan osoo hintaane dabaree geerarsa eeggachuun qeeqa geeraraa sanaa geerarsaan deebisu. Kana malees, geeraraan tokko maatii isaa faarsuu, rakkoo isa mudate baannachuufi jabduu dalage himachuu irra darbee hirmaattota keessaa dhimma nama tokkoo yookiin maatiifi gosaa biroo kaasuun yoo qeeq namni sun yookiin aantiin isaa dabaree eeggachuun geerarsaan deebii kennu. Geerarsi geeraraan tokko geeraraa biraaf deebii ittiin kennu kun geerarsa cigoo jedhama. Cigoo geeraruun yoo eegalame geeraraan tokko isa kaaniif deebii kennuurra darbee lola namoota dhuunfaa, gareefi gosaa kaasuu danda'a. Kanaafuu, hirmaattonni lolaafi jibba yoo walirraa qabaataniyyuu geerarsa cigoo geeraruun hinjajjabeeffamu. Ragaaleen geerarsaa asii gadiis kanuma agarsiisa.

Leenca haataatu malee

Gafarsa haa nyaattu malee

Ajjeeseera injirottoo

Geerarsi kun geerarsa cigoo Godina Wallagga Bahaa aanaa Eebantuu keessatti qondaala qe'eetti leenca ajjeesetu geerare. Ka'umsi geerarsa cigoo kunis, qondaaltotni aanaa kanaa warri kaan miilaan karaa dheeraa deemuun biyya biraa kan akka Dhidheessa, Booroofi Baqqoo deemanii bineensa gurguddoo ajjeesu. Geeraraan kun (Baayyuun) garuu naannooma jiraatu gaara Injiroo jedhamutti leenca ajjeese.

Leenca ajjeesuun kabaja guddaa namatti horus qe'ee dhaloota isarraa osoo hinfagaatiin beela, dheebuufi rakkoowwan biroo osoo hin argiin ajjeesuun isaa mirgi isaa hawaasa biratti, keessaayyuu namoota mirga qaban biratti fudhatamummaa hin arganne. Gochi kun geeraraa kana aarseera. Kanaafuu namoota mirga isaa xiqqeessan kana geerarsa cigoo geeraruun deebii kenne. Kunis bo'oo 1ffaa irratti leenca haataatu malee' kan jedhu kan

ajjeese leenca akka ta'eefi qe'eetti ajjeesus mirgi isaa mirga warra gafarsaa akka caalu agarsiisa. Bo'oo 2ffaa irratti 'gafarsa haa nyaattu malee' kan jedhu mirgi isaa (leenci) mirga isaanii (gafarsa) akka nyaatuufi kunimmoo caalmaa mirga isaa akka mirkaneessu agarsiisa. Bo'oo dhumaarratti 'ajjeeseera injirottoo' kan jedhu ammoo kan

ajjeese leencas ta'u qe'eetti waan ajjeeseef fudhatamummaan inni qabu guutuu akka hintaaane ofumaa mirkaneesse.

Qondaalota mirga gafarsaa qaban keessaa Gabul Gultii geerarsa Baayyuu Gobotoo geerare kanatti aaruun akkana jechuun geerarsaan deebise:

Gafarsa haataatu malee

Ishee sareen qabde mitii

Ishee Nadheen qalte mitii

Geeraraan kun bo'oo lffaa irratti mirgi isaa (gafarsi) mirga Baayyuu (leencaa) gad ta'uu dhugaa hawaasni beeku waan ta'eef 'gafarsa haataatu malee' jechuun mirkaneesse. Haata'u malee mirga isaa kana Handaq deemnee kotoroo gogaa nyaatee, dhukkkuba, beelaafi dheebuu hunda danda'ee akka ajjeese agarsiisuuf kan sareen qabdi mitii, kan nadheen qalte mitii' jechuun akkaataa itti ajjeeseen Baayyuu akka caalu ibsate. Kunis Leenci geeraraan duraa ajjeese kan sareen ari'ee qabe jechuun kan ofirraa loluu hindandeenye, kan sareen harka kennachiifte bakka dhaabbatetti ajjeesuun gootummaa hin agarsiisu yaada jedhu qaba. Kana malees, qe'eetti sareen waan qabdeef dubartootni afaan saree irraa fuudhanii akka qalan agarsiisa. Kunimmoo, mirgi leencaa mirga guddaa ta'us, abbummaan isaa kan geeraraa

kana osoo akka hintaane kan sareefi dubartoota ganda sanaa ta'uu mul'isa.

Geerarsa keessatti cigoo geeraruun kan wal qeequ namooita mirga qaban qofaa osoo hintaane kan mirga qabaniifi hinqabnes wal qeequu danda'u. Fakkeenyaaf abbaan mirga qabu akkaataa itti ajjeese, waa'e mirga isaa tuulee yoo geeraru kan mirga hinqabne akkana jedhee geerarsaan deebii kenna.

Qoricha beelaan beekaa

Hordaa kombolchaa muruu

Gindii waddeessa muruu

Gara dabeetti uruu

Geeraraan kun namootni bineensota gurguddoo ajjeesan bakkaafi haala itti ajjeesan, rakkina laga adamoo sanatti dabarsan dhaadhessanii gootummaa isaanii yoo himatan inni adamoo deemee hinbeekne, qotebulaan hojii qonnaan beekamu, kan maatiin isaa hinbeelofne namoota bineensa gurguddaa ajjeesanii dhaadatan ittiin qeequuf kan geerarudha. Geerarsa kana keessatti 'qoricha beelaan beekaa' kan jedhu namni kun gootummaan osoo hintaane qotataa, horataafi qabaataa ta'uu isaa agarsiisa. Gaaleen, 'Gindii Waddeessa muruu' jechuun mukti waddeessaa Oromoo Jaawwii Maccaa biratti gosa mukaa gindiin, teessummi, saanduqniifi meeshaaleen adda addaa irraa tolfaman waan ta'eef hawaasa kana biratti muka kabaja guddaa qabu ta'uu

agarsiisuuf malee gindiin baddeessaa, baargamoofi mukeen jabaatoo amala baqaquu hinqabne kaanirraas tolfamuu danda'a. Meeshaaleen qonnaa kan akka gindii kanneen muruufi uruun dandeettii akka barbaadu agarsiisuun dilbiin isaa boora akka caalu akkana jechuun geerare.

Dilbiin taphatti hindhufuu

Hordaa jalatti kufuu

Boora maal itti godhu

Gaafa du'aa fannisuu

Ani dilbiinan geeraraa

Isa du'aa fayyisuu.

Geeraraan kun ajjeesaan rakkoowwan laga adamootti isaan mudateefi gootummaa isaanii yoo faarsan qotanii dilbii kaa'uunis hojii salphaa akka hintaane, Booroo duuluun qixa yookiin ol kka ta'e; hojii qonnaa bu'aa ba'ii ulfaataa akka qabu dilbii kan kaa'e hordaa jalatti kufee, bokkaafi aduun dhaanamee akka ta'e ibsuun milkaa'ina gama gootummaan dhabe qabeenyaan isaan dhaadata.

Bo'oon 3-6 gaafa du'aa fannisuu kan jedhu gaafa gafarsaa mana namoota mirga qabaniitti keenyanitti fannifamuufi qondaalli tokko yoo du'e muka Madaallee muranii karaa maqfata baay'ee qabu gubbaa dhaabani gaafa gafarsaa sanaa itti fannifamu du'aa bu'aa tokkollee hinqabne ta'uu agarsiisa. Kunis gafarsa ajjeesani gaafa fannisuurra jabaatanii

hojjetanii dilbii lubbuu namaa fayyisu kaa'uutu caala jechuun milkaa'inni isaa kan warra mirga qabani akka caalu baannata. Ergaan isaa maatiin qondaalaa gaafa gafarsaa sanarraa waan fayyadamu hinqabu namichi duunaan rakkinatti hafu yaada jedhu qaba. Gaafa sooressi du'e ammoo dilbiin waan jiruuf maatiin isaa hinrakkatu ergaa jedhu qaba. Kanaafuu, jabatanii hojjetanii dinagdee horachuu wayya yaada jedhu qaba.

Kanaafuu, hunda dura midhaan akka xaafii, qamadii, daagujjaafi boqqolloo oomishanii beela balleessuun barbaachisaadha jechuun warra ajjeesee geeraru qeeqa. Inni biraa namootni mirga qaban dhiqatanii dibatanii mimmiidhaganii bakka cidhaafi gabaa oolu malee hojii qonnaa akka qotebulaa kaanii cidhanii hinhojjetan. Bara ajjeesan sana ammoo hordaayyuu harkaan hinqaban. Kanaaf namootni mirgaan dhaadatan kun maatiin beela'uu danda'u. Gaafa maatiin beela'u qotebulaa dilbii kana bira deemuun midhaan liqeeffatu. Kanaaf ani dilbiin qota isa du'aa fayyisu jechuun qondaaltota mana keessa rakkatan qeequun akka hojii hojjetan jajjabeessa. Geerarsa cigoo gurguddoonis geeraru danda'a Namni dinagdeen laafaa akkana jechuun sooressa qarshii qabu qeequ danda'a.

Dajanee G. fi Kb

Warri harree kabeelaa

Nu ergachuu kajeelaa

An hin ta'u ashkarii

Nan dide ashanfarii

Jedheen itti joorekaa

Daldalaan dur konkolaataan osoo hintaane harreen meeshaa deddeebisa. Kanaafuu Oromoo Jaawwii Maccaa biratti akkuma qotiyyoon mallattoo qonnaan bulaa taate harreen ammoo mallattoo daldalaati. Geerarsa kana keessatti warri harree kabeelaa jechuun daldalaa jechuu yoo ta'u daldalaan kun dinagdeen hawaasa kaan waan caaluuf akka nama tuffatu, oftuluufi qarshiin hiyyeessa ergachuu akka barbaadu agarsiisa. Kunis maallaqa argachuuf kabajaafi ulfina ofirraa muulqee soossaaf ergamee hinjiraadhu yaada jedhu qaba.

Kanaafuu soossaaf ergamuu irra gammoojjii bu'ee hojjedhee of jijjiiruun qaba ilaalcha jedhu qaba. Kanaaf jireenya gadaanaafi hiyyuuma kana keessaa ba'uuf 'jedheen itti sokkekaa' kan jedhu biyyaa baduu isaa agarsiisa. Waaqgaarii Qana'aa kan abbaan isaa dur soossa Annoo ture kan har'a jireenya qananii hinjiraanne akkas jechuun geerarsaan qeeqa.

Abbaa sanbii Qanookoo

Sittan odeessa qoodakoo

Ya isa murannaan coomaa

Ya isa unannaan bookaa

Joornaalii Dilbii, Adoolessaa-Mudde 2024, 2(2), 136-169

Jabana qaataa sanaa

Bara maraataa sanaa

Geeraraan kun abbaan isaa soossa beekamaa ture. Qana'aan Maqaa abbaa isaa yoo ta'u, ilmi isaa angafaa Sambattoo waan ta'eef abbaa Sambii Qanookoo jedhee waama. Qana'aa soossa beekamaa Annoo loon hedduu qabu waan ta'eef hawaasni naannoo sanaa biratti kabajaafi ulfina guddaa qaba. Booda loowwan isaa kun jalaa dhumaatnaan namootni dur fardaafi sangaa isarraa ergifataa turan geeraraa kana yoo tuufatan aaree akkas jedhee geerare.

Barichoo dhufee darbee

Har'ammoo deegdan jedhee

Maaf nudhaana dhalli namaa

Warroo birrii soddomsee

Cirriiquun nu tortorsee

Hindhaanamu mucaankee

Akka geerarsa kanaatti, geeraraan kuniifi maatiin isaa dur sooreyyii beekamoo turan. Dur yeroo qabeenya qaban sana hawaasni kabajaafi ulfina guddaa qabu. Yeroo geeraraan kun geeraru kanatti garuu qabeenyi isaanii kun jalaa dhumatee hiyyoomanii jiru. Kanaafuu miseensotni hawaasaa qabeenya xiqqoo horatan maatii kana tuffachuu akka eegalan 'warroo birroo soddomsee, cirriiquun nu tortorsee' jechuun mormii garee hawaasaa ilaacha akkanaa qaban mormuuf geerare. Cirriiqsuun ancufa bifa oftuulummaa qabuun

ilkaan fuulduraa lamaan gidduun tufuudha. Geeraraan kun hindhaanamuu cimnee hojjedheen ofiifi maatiikoo hiyyummaa baasee maqaa abbaakoo deebisa yaada jedhu qaba. Geeraraan kun dargaggeessa humna guutuu qabudha. Kanaaf humnakoo guutuu jiru nama kamiyyuu hingabbaru xaareen humna koon bula jechuun namoota qabeenya qabaniin geeraraa kanarratti amala oftuulummaa agarsiisaniif deebii kenne.

Geerarsi cigoo namoota dhuunfaarra darbee sadrkaa gosaafi balbala walii qeequun geeraramuu danda'a. Fakkeenyaaf

Nu Guutoo warra Jorgaaaati

Sanyii abdiisaa Dhugumaatii

Warra kaabba olgaatii

Guutoo warra Jaaroo mitii

Askarii Garbii mitii

Dambii dambii hinbeekne mitii

Geerarsa Oromoo Maccaa keessatti geeraraan gosaafi balbala ofii faarsee isa isaaniin morku ammo qeequun gocha baratamaadha. Gosa jechuun Oromoo Maccaa biratti maqaa sanyii jedhamuun beekama. Namni yoo wal baru sanyiin keessan maali? jedhee wal gaafata. Guutoon gosa hawaasa Godina Wallagga bahaa aanaalee adda addaa keessa baay'inaan faca'ee jiraatu keessaa tokko ta'ee baay'inaafi gootummaa isaaniin beekamu. Guutoon qeerramsa madaa'e lolarraa hindeebi'u yoo tuqame guyyuma sana gosa isa tuqe hinbulchu;

yoo bulche amala gara laafummaa waan qabuuf haaloo hinbulfatu jedhamee gosoota ollaan ibsama. Guutoon balbala kudha lama (12) qaba.

Geerarsa kana keessattigeeraraan kun sanyiin isaa Guutoo ta'ee, balballi isaa Jorgaa Sanyii nama beekamaa Abdiisaa Dhugumaa akka ta'e ibsa. Gosuma isaa balbala Guutoo Jaaroo jedhamuun beekamu qeeqa. Maddi qeeqa kanaammoo nama balballi isaa Guutoo Jaargaa ta'etu niitii fuudhee; niitiin kun dhirsa kan tuffattee dhiistee deemte jedhan. Namni biraa gosti isaa Guutoo balballi isaa Jaaroo ta'ee ammo niitii warra Jorgaa kana jifuu malee fuudhe. Jifuu malee jechuun qaccee isaanii lakkaawatanii obbolaanitti waliif hinoolan jechuudha. Namichi dubartii niitii balbala biroo turte fuudhe kun kan nama mucaatti isaaf ooluu fuudhe. Kana jechuun namichi kun akka waan niitii mucaa isaa waliin ciiseetti ilaalama. Namichi jifuu malee fuudhe kun gocha raawwate kanatti isa qofa osoo hintaane balballi Guutoo Jaaroo marti nikomatama. Sababiin isaa yeroo namichi duudhaafi safuu hawaasaa cabse niitii jifuu isaa hintaane fuudhu jaarsotni balbala Jaaroo dhorkuu nidanda'u.

Kanaaf, geeraraan "Dambiin dambii hinbeekne mitii" jechuun arrabse. Dambii jechuun maqaa lafaa warri Guutoo Jaaroo baay'inaan keessa

jiraatan yoo ta'u; danbii hinbeekte jechuun ammoo isin warri bakka Dambii jiraattan dambii ykn seera, duudhaafi safuu hinbeektan jechuun qeequuf gargaarame. Balballi geerarsaan qeeqaman kun dogoggora raawwatan waan beekaniif geerarsaan deebii hinkennine.

3.4 Haala Raawwii Dhaggeeffattootaa

Dhaggeeffattootni geerarsaa waan geeraraan jedhu callisanii kan dhaggeefatan osoo hintaane gochaan, jechaafi sochii qaamaan geerarsa keessatti hirmaachuun geeraraaf yaada kennu. Akkaataan dhaggeeffattootni geerarsa geeraraa irratti yaada kennan kun ammo ibsitoota madaallii geerarsaa jalatti ramadamu. Ibsitoonni kunniin akkaataa dhaggeeffattoonni geeraraa afuura baafachiisan, geerarsa isaarratti yaada kennaniifi jajjabeessan kan agarsiisudha.

Geeraraan yoo geeraru dhaggeeffattootni geerarsaa miilaan lafa dhiituun, mataa raasuun, uleen lafa tumachuun, jechoota gaggabaaboo 'iyizoo, ishoo gurbaa!, hinsobne jechuun geeraraa onnachiisu. Osoma geeraraan geeraraa jiruu jechoota miira ibsachuuf gargaaran kan akka 'ahaha, ahaha, ahaha, jechuun teessooma irra taa'anii miilaan lafa dhiituun, mataa raasuun, fuula ibsuun, jechoota ishoo, ishoo gurbaa, ayizoo jedhan fayyadamuufi ka'anii dhaabbatanii ulee

mirmirsuun, lafa dhiituufi dhiichisa immoolee sirbuun geerarsa ho'isu, geeraraas onnachiisu.

Sochii qaamaan alas dhaggeeffattootni geerarsa keessatti jechaanis nihirmaatu. Kunimmoo jalaa cooka jedhama.

Geerarsa keessatti hirmaannaan dhaggeeffattootaa haala keessatti raawatamuun cimsee wal qabata. Hawaasa Oromoo keessatti namni tokko yoo dubbatu kaan dubbii nama sanaa sirnaan caqasuun aadaadha. Namni dhaggeeffatu kun caqasuu qofa osoo hintaane duubdeebii kennuun waan baratamaadha. Geerarsa Oromoo Maccaa keessattis geeraraan yoo geeraru dhaggeeffattoonni sirnaan caqasuun duubdeebii kennu. Duubdeebiin dhaggeeffattooni geeraraaf kennan kun jalaa gooduu yookiin cookuu jedhamuun beekama. Fakkeenyaaf, geeraraan tokko hawwii, yaadaafi yaaddoo isaa geerarsaan yoo ibsatu hirmaattoonni akkana jedhanii jalaa qabu.

Jiin haa baatu! Jiin haa baatu!

Haa yaatu naggaadeenoo,

Sin haa ga'u! sin haa ga'u,

Kan yaade garaan kee hoo.

"Ulee ceekaa, lafa naa dhaabii!"

Lafa maasii kee!

Dubbii seenaa Lama naa dhaamii,

Dhaqi maa'ii kee!" jedhu.

Jalaa gooa kanaan dhaggeeffattootni geeraraa haalaan caqasaa jiraachuu isaanii mul'isu, yaadni geeraraa kun dhugaa ta'uu mirkaneessu, gidduutti, aara galfachiisu; yaadaafi afwalaloo itti aanee geeraru akka qopheeffatuu gargaaru. Jalaa goodni qabiyyee geerarsaa geeraraan geeraraa jiruu irratti hunda'uun filatama. Fakkeenyaaf, qabiyyee geeraraan sun roorroofi hacuuccaa irratti raawwate kan mormu yoo ta'eefi geerarsoota dhiittaa mirga namoomaa mormaniif jalaa gooda akkanaatu filatama.

Gurbaa farsoo buusu sanaanii,

Buusaan tolee yoo hanqachuu baate, jedhiin...

Gurbaa lammii miidhu sanaanii

Miidhaan tolee, yoo salphachuu baate, jedhiinii

Jalaa goodni kun geeraraan miidhamaafi roorroo namoonni irraa ga'an yoo geerare jalaa qabama. Kunis yaadaafi dhukkubbii isaa qooddachuuf, gara fuulduraa roorroofi hacuuccaa kana jalaa ba'uu akka danda'u jajjbeessu. Kana malees namoonni lammii miidhan eegereen isaanii salphina akka ta'e ergaa waliif dabarsu. Kunimmoo namoonni gocha badaa irratti hirmaatan waltajjii kanarratti barnoota argatanii yakka isaaniirraa akka deebi'an gargaara. Kana malees jalaa cooka kanaan dhaloonna boodaan dhufan lammii isaanii akka mararafatan, faayidaaf

jedhanii lammii ofii akka hinmiine hubannoo kennuun egere hawaasa sanaa ijaraa deemu.

Kana malees, jalaa cookni roorroo hawaasa irra ga'u addeessuufi madda rakkoo sanaa hawaasni akka xiinxalee furmaata barbaaddatuuf kallattii kaa'uu danda'a. Fakkeenyaaf jalaa gooda kana ilaaluu dandeenya:

Yaa hidhaa fiitii qanyii,

Yaa hidhaa fiitii qanyii,

Yaa hidhaa fiitii qanyii,

Namaafisoo nama qabnaa,

Lafaafisoo lafa qabnaa,

*Maaf nama miitii hormii. *2*

Jalaqaboo kana dhaggeeffattoota keessaa nama tokkoto baase. Jalaqaboo dhaggeeffataan tokko baase kana hanga inni altokko jedhee xumurutti geeraraafi dhaggeeffattootni kaan cal jedhanii caqasu. Erga dhaggeeffataan baase sun xumuree booda; inniifi dhaggeeffattootni kaanillee waliin jalaa cooka ba' e sana waliin jedhu. Geeraraan garuu jalaa cooka kana dhaggeeffattoota faana hinjedhu. Jalaa qaboo kana yoo jedhan harka isaanii facaasaa, miira gaddaa keessa ta'anii jalaa cooku. Jalaa cookni kun ergaa osoo namaafi lafa mataa keenyaa qabnuu hormi ummata Oromoo miidhuun kun maal irraa madde jechuun ofis walis gaafatu. Kana jechuun jalaa cookni dhaggeeffattootni

baasan kun dhimma geeraraan geeraraa jiru waliin hidhata guddaa qaba jechuudha.

Kanaafuu qabiyyeen jalaa goodaafi qabiyyeen geerarsaa hidhata guddaa qabu jechuudha. Fakkeenyaaf, geeraraan waa'e hiyuummaa akkana jedhee geeraru danda'a:

Siif safuu ya sinbira

Kan harbuun gahuu jiru

Kan qilxuutti Naqamtee

Siif safuu yaa hiyuummaa

Kan barri darbuu jiru

Kan kichuutti na qabde

Geeraan kun ijoollummaatti hiyyumee bara hiyuummaa sana rakkoowwan hindagatamne hedduu dabarsuufi hiyuummaa sana keessaa jabaatee hojjetee ba'etu jijjiirama bara hiyuummaa dabarse sanaafi milkaa'ina argate walbira qabee ibsate. Geeraraa geerarsa kana dhaggeeffattootni akkana jechuun jalaa qaban:

Margi hin margu seetee

Margi hin margaa

Jajjabaadhu yaa gurbaa

Barri hin darbu seetee

Barri hin darbaa

Jalaa goodni kun geeraraan kun yoo jabaatee hojjete hiyuummaa keessaa bahuu akka danda'u jala gooduu kanaan jajjabeessu. Dhaggeeffattootni geeraraan yoo jabaatee hojjete barri rakkinaafi hiyuummaa hindarba,

keessayyuu ilmi xinnaan kan humna qabu himmoome jedhee abdi kutachuu akka hinqabne, ammayyuu jabaatee akka hojjetu jajjabeessan. Ragaalee kanarraa jalaa goodni qabiyyee geeraraan geeraraa jiru irratti akka hundaa'uufi ergaan isaaniis hidhata akka waliin qaban agarsiisa.

3.5 Haala Bakka Daboo

Geerarsa keessatti haala naannoo kan jedhaman haalota ijaan mul'atan bakka geerarsi itti geeraramu, haala hirmaattotaafi wantoota naannoo sana marsanii jiran maraa ilaallata. Geerarsi haala naannoo kana xiinxaluuf gargaarame geerarsa daboo boqoolaa cabsaati. Qorannoowwan hanga ammaa hojjetaman geerarsi yeroo hojiin hojjetamu ittiin daboo onnachiisuuf oola kan jedhu beekamaa miti. Daboon aanaa Jimmaa Gannatiifi aanaa Eebantuutti geggeeffame garuu daboon geereree cookaa wal waamaa boqqolloo cabsa. Midhaan haamaa keessattis akka kan boqqolloo baay'achuu baateyyuu dargaggoonni sirbaa, qoosaa, geeraraa, wal waamaa, jechoota jabaadhaa, abalu meerree? jedhanii wal jajjabeessaa hojjetu. Geerarsa daboon midhaan haamaa irratti geeraraa hojjetan keessaa muraasni kunooti.

Haamtuu ciqilee beekuu

Nyaattuu mangaagaa beekuu

Haddub jette buqqeen baaduu

Akka waan kuftee kaatuu

Dajanee G. fi Kb

Joornaalii Dilbii, Adoolessaa-Mudde 2024, 2(2), 136-169

Geerarsa hojii kana keessatti bo'oon 1ffaafi 2ffaan nama haamaadhaan daboo dursee mataa fiigu faarsuun miseensota daboo biroo onnachiisuuf sirbama. Haamtuu hirree beeku jechuun namni haamaatti cimaa akkuma nama ispoortii ammayyaa hojjetuu hirree jabaata, namni nyaata guddisu mangaagaa furduta ilaalcha jedhu qabu. Oromoon nama hojiitti cimaaf kabaja olaanaa qaba. Nama nyaata baay'isu nituffata. Bo'oon 3ffaafi 4ffaan buqqeen baaduu yookiin weessoon haddub jedhee lafa dha'e akka waan kufee ka'uu jechuun namoota hojiitti laafoo ta'an qeequun onnatanii akka hojjetan jajjabeessu. Sirba hojii kana tokko yoo baasu gareen jalaa qabani sirbu. Daboo ani dawwadherratti kan sirba kana baasu warruma booda deeman keessaa tokko ta'ee nama mataa fiigu ittiin faarsuuf gargaaramu.

Ce'ee maasii dheedaa

Qofuma isaa arreedaa

Ergaan walaloo geerarsa daboo bo'oo 3 fi 4 namaa haamaa miidhaaniitin cimaa ta'ee faarsuuf kan dhimma itti bahamudha. Innis namoota hundaa gatee bira darbee isaan bira darbee isaan irra fagaatee kan haamuu jechuu akka ta'ee fi nama hundaa of duubaatti gatee bira darbee haamaa jechuudha. Kana malees haamaan isaa haamurraa darbee akka waan dheedduutti fi adeemsi isaa ammo figichatti fakkeeffamee nama haamaan qaxalee ta'e, kan ittin faarsuuf akka dhimma itti bahan ragaaleen qorannoo kanaa agarsiisa. Inni kun immoo namoota cimoo ta'an qofaa sirbani faarsuun namoonni dadhabina qaban onnatanii akka isaan dorgommii keessaa galan jajjabeessuuf gargaara. Kana malees, faarsaan geerarsaa ooyiruu keessatti jedhamu biroon kunooti:

Qottuun yaa kaannisee

Dhumuu bara sanaa

Baga waqi sidhisee

Bara qottuun dhibdee

Daandiin Oollaa hin duuddee⁵



SUURA 1: QORATAAN DABOO MIDHAAN HAAMU YOO DAWWATU

Awwaarsesse itti xaaqxee lafoo

Kormis saafaa lola yoonaa

Faaruu kun hojii kun beela bara 1977 yaaddachuuf bifa sirbaan dhiyeessan. Qottuu yaa kaannisee kan jedhu dubbii qoolaa iddoosaa fayyadamuun qottuu kaannisatti fakkeessanii cimina isaa ibsuuf kan jedhamedha. Oromoon Jaawwii Maccaa

kaannisni bineensota jiran keessaa yeroo ishee hundaa hojii irratti dabarsiti jedhee amana. Qottuunis akkuma kaannisaa barii barraaqa ka'ee hanga aduun lixuttu boqonnaa malee akka hojjetu kan agarsiisudha. Bara qottuun dhibdee daandiin ollaa duuddee kan jedhu qottuun yoo hinjiraanne; oomishaaleen qonnaa hinjiran. Oomishaaleen qonnaa dhabamna hawaasni beelaan miidhama. Hawaasni beelaan miidhame wal hingaafatu, ollaan mana walii hindeemu. Ollaan mana walii yoo hindeemne ammoo daandiin ollaa nicufata yaada jedhu qaba. Kanaafuu qottuu ya kaannisee dhumiinsa bara beelaa 1977 sana бага Waaqni hambise jechuun balaa sanarraa hafuu isaanii Waaqa galateeffatu. Bara qottuun hinjirre jireenyi hawaasaa hiyyumaafi gadadoodhaadha. Kanaafuu faaruu kana faarsuun yookiin geerarsa keessaa kutanii geeraruun daboon jabaatanii akka hojjetan wal onnachiisu.

3.6 Yoomessa Geerarsaa

Geerarsi bakkaafi yeroo itti geeraramu qaba. Geerarsi bakka adda addaatti geeraramuu danda'us baay'inaan bakka daboo, ijaarsa manaa, midhaan haamaa, dhayicha midhaanii, ijaarsa manaa, mana cidhaafi waamichatti hojii tokko hojjechaa erga oolan booda erga nyaatanii dhuganii halkan geerarama.

Kana malees, namni dhuunfaa geerarsa bakka hojii isaatti, bakka tikatti, bakka qonnaatti, yeroo karaarra demu waan keessoo isaa jiru gaddas ta'e gammachuu garaa qabu ittiin ibsachuu danda'a. Geerarsi manaa ajjeesaatti geeraramu, bakka dabootti geeraramuufi hojii keessatti daboo onnachiisuuf geeraramu akkaataan itti geeraramuufi qabiyyeen isaas garagarummaa qabu. Fakkeenyaaf geerarsa bakka dabootti geeraramu abbaan barbaade eegaluu, akka fedhetti xumuruufi gidduutti dhiisuu danda'a. Geerarsa bakka daboo nyaatni dabooof dhiyaate erga nyaatamee dhugamee abbaan daboo erga eebbisee booda faaruu saayyeefi buddeena erga faarsanii geerarsi geerarama. Geerarsa daboo qondaalatu eegala. Yoo qondaalli hinjiraanne hirmaattota sana keessaa angafootatu eegala.

Sumner (1997:38) yoomessa geerarsaa adamsitoonni yeroo adamoo deemuuf jedhan, osoo adamoo irra jirani (while hunters are hunting), bineensota gurguddoo ajjeesani yoo galaniifi ajjeessuu deemanii yoo milkaa'uu dhaban akka geeraramu ibse. Haata'u malee geerarsi bakkoota cidhaa, daboo, jila Gadaa, laga eeguufi bakka hojiitti geeraramu akka danda'u ragaaleen qorannoo kanaa ni agarsiisu. Geerarsi bakkuma namoonni wal gahan hundatti hingeeraramu. Oromoon Jaawwii Maccaa dhimmoota adda addaaf wal gahuu danda'a.

Akkasumas, geerarsi yeroo adda addaatti geeraramu nidanda'a. Haata'u malee baay'inaan daboo yookiin waamichi nyaatee dhugee faarsaa saayyee, farsoofi daadhii faarsanii halkan geerarama.

Geerarsi bakkuma namoonni wal gahan hundatti hingeeraramu. Oromoon Jaawwii Maccaa dhimmoota adda addaaf wal gahuu danda'a. Oromoon Maccaa hojii akka mana ijaaru, dukaana dhaabuu, midhaan haamuufi ciraa ciruu daboodhaan hojjeta. Daboon hojii walgargaaruu ta'ee guyyaa guutuu kan hojjetamudha. Qorreen ammoo ganama yookiin galgala yeroo sa'aa lama hincaalleef hojjetama. Daadon gosa walgargaarsaa keessaa tokko ta'ee kan namootni dabree naqatanii hojii waliin hojjetanidha. Daboofi qorreen garuu dabaree osoo hintaane nama rakkateefi koommateef gargaarsa godhamudha. Fakkeenyaaf geerarsi qorreefi daadon irratti geeraramuun beekamaa miti.

Daboo irratti garuu hirmaattonni guyyaa guutuu hojjechaa waan oolaniif sammu hojiin dadhabe bo'aarsuuf, wallaalaa barsiisuuf, gowwaa qaruufi hubannoo waloo waliif qooduuf geerarama Geerarsi hojii kanneen hojjetanii dadhabanii mana abbaa dabootti galanii nyaatanii dhuganii erga quufanii halkan geerarama.

Geerarsi akkuma gooroowwan afoolaa biroo yeroofi bakka itti geeraramu, akkasumas hirmaattota qaba. Geerarsi baay'inaan lafa jigiitti, iddoo cidhaatti ykn waamichaatti geeraramuu danda'a. Akkasumas, darbee darbee namni tokko qofaa isaa iddoo tikaafi iddoo eeguutti lafa ittiin dhiisifachuuf, ittiin halkan waarsiifachuufis geeraruu danda'a. Haata'u malee geerarsi raghimtoonni geerarsi eessatti geerarama gaaffii jedhuuf gareen iddoo daboofi waamichaatti geerarama yaada jedhu qabu. Hawaasni Jaawwii Maccaa geerarsa qofaa geeraramu akka geerarsaatti hin ilaalan. Kunis Oromoon yoo mana ijaaru, yoo qotu, yoo ciru, yoo haamuufi yoo boqqolloo cabsu gareedhaan hojjeta.



SUURA 2: HIRMAANNA SHAMARRANII DABOO IRRATTI

Hojii gareen hojjatamu keessaa daboon isa tokkodha. Daboon nama humna dhabe yookiin koommateef liqqi tokko malee hojii hojjechuudha. Abbaan daboo guyyaa daboo ofii beellamatee waan hojjatamu namootatti himata. Gosa hojii kan himatuuf hirmaattonni

meeshaa ittiin hojjetamu (fknf daboo xaafii haamaa yoo ta'e haamtuu, ciraaf gajamoo) fidatanii akka dhufaniif himama. Guyyaan daboo kan beellamamuuf; abbaan daboo namoota daboo ba'an kanaaf waan nyaatamuufi dhugamu qopheessuuf yeroo argachuu waan qabuuf gosti hojii hojjetamuufi guyyaan dursee beellamama.

Tapha Sariii Geerarsa Dursee Tapahatamu

Daboo Boqolloo cabsuu Aanaa Jimmaa Gannatii ganda Adii Leeqaa Tulluu Caaliitti dawwatame irratti daboon hojii oolee mana abbaa dabootti galee erga nyaatee dhugee erga maaddiin ka'ee tapha Sariitu eegale. Taphni Sariii bifa waldorgommiin geggeeffama. Dorgommiin kunis dorgommii dargaggootni hinfuudhiin daboo guyyaa tokkoo irratti hirmaatan natuu hirmaattota hundaa caalaa hojjete jechuun wal injifachuuf falmii geggeessanidha. Taphni kun bifa diraamaan waan dhiyaatuuf ho'aafi hawataadha. Dorgommii sarii manguddoo abbaa murtii ta'uun hojii dargaggootni guyyaa guutuu hojjetan madaaluun abbaa injifate kan filu, dargaggoonni akka wal hinlolle to'atuufi sirna taphichaa eegsisutu jira.

Manguddoon dorgommii kana hoogganu boqolloo cabsaa dargaggoota boqolloo guuran kanneen eenyu meeqa akka deebi'e, hojiima daboo kana hojjechaa ijaan to'ata. Daboon hojii fixee gara qe'eetti erga galee dargaggoota amanamoodha jedhee yaadu waame daboo

har'aa eenyu akka mo'e jedhee gaafata. Dargaggoonni lama yoo hojii walfakkaataa hojjetanii qabxii walfakkaataa fidan abbaa dursee gootiraatti naqetu tokkoffaa ta'ee filatama. Daboo dawwatame kanarratti manguddootu dargaggoota suuraa 3 irratti mul'atan kana dorgommii Sariii injifachuu isaanii daboo beeksise. Yeroo kana dargaggoonni hafan 'imbii' jechuun mormii isaanii agarsiisan. Dargaggoonni lamaan sunis Injifachuu isaanii erga mirkaneeffatanii daboo keessaa gad ba'anii coqorsa jiidhaa mataatti maratan mana duubaa cirachuu eegalan.

Coqorsa jiidhaa sanaan sandaaboo boqolloo akka gaafaatti hidhachuun korma qotiyyoo of fakkeessu. Kunis akkuma kormi horii dallaa tokkoo mo'u, daboo waan mo'aniif akka korma qotiyyootti fakkeeffamau. Korma sana fakkaachuun sandaaboo boqqolloo gaafa fakkeesanii coqorsa mataa isaanii gama bitaafi mirgaatti hidhatu.

Kana malees boqolloo harka mirgaafi bitaatti lama lama coqorsa waliin qabatanii gara daboo mana keessa jiruutti oldeebi'u. Coqorsi kun mallattoo hormaataa akka ta'e dubbatu. Kunis akka aadaa Oromoon Jaawwii Maccaatti gurbaan gaafa intala ilaallachuu deemu marga yookiin coqorsa harkatti qabatee deema. Manguddoon guyyaa cidhaa gurbaafi intala wal fuudhaniin, "coqorsa ta'aa lafa uwwisaa,"

jedhee eebbisa. Dargaggoonni tapha Sariii injifatanis coqorsa qabatani akka nama durba kaadhimmatuu waanti mana seenaniif akka gurbaa fuudhuutti waan ilaalamaniifidha. Dargaggoota sarii injifatan kun yoo manatti oldeebi'an doocoo yookiin okkotee xiqqoo farsoo guutuu qabutu akka durba heerumtuu fakkaatee huccuun itti uwwifamee shaashiin mataa isheetti hidhamee tokkoo tokkoo isaaniif kennama. Dargaggoonni kun, gaalee 'Nan mo'e daboo' jechaa akka qotiyyoo bookkisaa, akka korma lola kajelee mataa raasaa deemanii doocoo kennameef maddii tataa'uun eebba abbaa daboo irraa fudhatu. Kunis taphni sarii akka cidha gaa'elaatti, dargaggoonni akka gurbaa fuudhuufi doocoon akka intala heerumtutti fakkeeffamuu agarsiisa. Tapha kana keessatti namni ulaa ba'e yookiin fuudhe maatii horate qooda hinfudhatu. Kanaafis sababni jalqabaa hojiin midhaan guruu dargaggoonni kun hojjechaa oolan humna guddaa barbaada. Namni fuudhe qixa dargaggeessaa humna waan hinqabneef; dorgommii ammoo namoota wal madaalantu wal dorgoma waan ta'eef hinhirmaatu. Sababni Lamaffaa namni ulaa ba'e dorgommii sarii hintaphanneef, xicoon kennaaf qophaa'e intala qarreetti waan fakkeeffamtuuf, gurbaan fuudhus qeerroo ulaa hinba'iin ta'uu qaba jedhamee waan amanamuufidha.

Dorgommii Sariii kana manguddoonni dargaggeessa abbaa daboo yookiin haadha daboo fira ta'e hin njifachiisan. Injifatus nama itti aanutu taphatee doocoo intalatti fakkeeffamtu fudhata. Sababiin isaa akka aadaa Oromoo Jaawwii Maccaatti gurbaan intala gosa isaa taate waliin gaa'ela hinraawwatu yookiin hinfudhu waan ta'eef;

firri warra daboo yoo injifatee doocoo sana fudhate akka firri fira fuudheetti ilaalama. Firri fira fuudhuun haraamuudha. Nama haraama'e Oromoon qullaa mana yaabsisee udduu dhoqqee dibee biyyaa baasa.



SUURA 3: DARGAGGOOTA TAPHA SARIII INJIFATAN

Fakkii 3 irratti namoota sadan kana keessaa kan moggaa gama bitarra jiru manguddoo tapha sarii kana dargaggoonni seera taphichaa eeganii akka tapahataniif gorsaafi deggeraa jirudha. Namni kun nama waggaa shantamii jahaati.. Manguddoon kun dargaggoonni yoo olseenan “ sarii... sarii.. sarii...” jechaa akka korma qotiyyoo mataa raasaa bookkisaa

boqolloo faarsaa olseene. Faaruu isaanii keessaa tokko kunooti.

sar... sar... sar...

Daalee Daalee Daalee

Gaararra qaarisee

Gootiraa siilessee

Namni dorgommii sari injifate irra deddeebi'ee sar. .. jechaa faarsoo hirmaattotaaf buusa. Sariin maqaa dorgommii kanaati. Bo'oo 2ffaa irratti 'Daalee' kan jedhu bifa boqolloo cabsaa oolanii bifti isaa daalacha ta'uu agarsiisa. Kanaaf daalee jedhee faarsa. Boqolloon durii bifti isaa shumburiidha. kanaaf dur 'shumbur, shumbur' jechuun faarsu. Yeroo ammaa gosti boqolloo kanaa bade jira. Bo'oon 3ffaan gaara irra qaarisee kan jedhu lafti boqolloo kana itti guuraa oolan lafa gaara qabu akka ta'eefi namni sarii injifate kun ba'aa kana baatee gaara meeqa qaxxaamursuu isaa agarsiisa. Bo'oon 4ffaan gootiraan siilesse jechuun nama hunda dursee gootiraatti kan naqe ta'uu mul'isa. Dursanii gootiraatti naquun ulaagaa dorgommii kana itti injifatan keessaa isa tokkodha.

Tapha sarii kana injifachuuf fedhiin dargaggoonni qaban guddaa ture. Hojii boqqolloo cabsuufi guuruu irratti bifa waldorgommiin waan hojjetaniif kaka'umsi isaan gidduu ture olaanaadha. Kunimmoo dargaggoonni kun aadaa hojii cimaa akka

horatan isaan taasiseera. Dargaggoonni kun manguddoota umriin abbootii isaanii ta'an faana waan hojii daboo kana hojjetaniif, taphni sarii ammoo mana abbaa dabootti bakka maatiin martuu jiranitti waan tapahatamuuf hojii irratti ciminaafi dadhabina dargaggoonni kunniin qaban hawaasni naannoo nibeeka. Dargaggoonni kunniin durba hawaasuma naannoo sana keessaa waan fuudhaniif gaafa fuudhuuf gara maatii intalaatti jaarsa ergan gurbaan sun hojii irratti cimaa yoo hintaane maatiin intalaa isaanii isatti heerumsiisuuf heyyemamoo hinta'an. Kanaafuu dargaggoonni martuu hawaasa sana keessatti fedhii hojiitti cimoo ta'anii mul'achuu guddaa qabu. Kunimmoo dargaggoonni kun hojii hojjetanii maatii isaaniifi hawaasa naannoo sanaa dinagdeedhaan utuban gargaareera.

Abbaa Lookoo Lookichaa

Afaan doocoo soogiddaa

Faaruu kana keessatti abbaa lookoo lookichaa jechuun miidhagina doocoo kennaa fudhachuuf deemanii kan ibsu yoo ta'u doocoon abbaan daboo daraggoota daboo injifataniif kennu durbatti fakkeeffamti. Afaan doocoo soogidda kan jedhu intalli badhaafame afaan miyoofti haasaa tolti jechuudha. Dheerinniifi qooqa toluun mallattoo miidhagina durbaa keessaa warra jalqabaati.



SUURA 4: DARGAGGOONNI DOOCCOO AKKA INTALAATTI YOO NAQATAN

Dargaggoonni fakkii 4 irratti mul’atan kun sandaaboo boqolloo irraa gaafa tolfatan. Dargaggoonni kun daboo waan injifataniif korma daboo kanaati. Kormi akkuma loon dallaa guutuu mo’u, isaanis mootii daboo kanaa ta’uua agarsiisa. Namoota daboo injifataniif doocoo kennama. Doocoon okkotee bishaan ittiin waraabbatan fakkaattee kan morma gabaabbattuufi gurroo hinqabnedha. Dur barmeelli osoo hinjirre daadhiifi farsoo doochootti naqu. Doocoon damma itti kuusuufis nitajaajila. Suuraa kanarra kan jiru ammoo, joogiidha. Joogiis ta’u maqaan ittiin waamamu doocoodha. Doocoon kun mataa isheetti coqorsi warameera. Kunis gurbaan intala kaadhimmachuuf gaafa deemu, coqorsa kichuu lalisaa ta’e fudhatee deemee shurubbaa isheetti kaawwata. Doocoon kunis intala qarreetti waan fakkeeffamtuuf abbaafi haadha daboo irraa erga eebbifamanii fudhatanii mataa doochootti coqorsa maru.

*Dadhabaa gargaaree,
Maaxaraa sassaabee,
Abbaa kiiloo shantamaa,
Natuu guure soddomaa,
Eenyutuu na dorgomaa?*

Faaruu kanaan hojii isaa yoo himatu akka kormaa bookkisaa, nama isa waliin mo’e waliin walitti sirbu. Yeroo dargaggoonni daboo injifatan dhaadatan kana warri injifataman ‘imbii’ jechuun harka kennuu didu. Imbii osooma jedhanii yeroo warri injifatan faarsoo buusan jalaa ka’anii buufachuun kabaja isaaf qaban agarsiisuu qabu. Daboon nama rakkate gargaaruudha. Faaruu Sariii kana keessatti, dargaggeessi sari injifate namoota humna hinqabne akka gargaare, boqolloo akka cabse, keeshaa abbaa KG 50 qabatutti al soddoma akka fideefi hirmaattota keessaa namni kana fiduun isa dorgomu akka hinjirre mul’isa.

4. Goolabaafi Argannoowwan

4.1 Goolaba

Akka ragaalee qorannoo kanaarraa argametti geerarsaa irratti dhiirota sadarkaa kuusaa (umrii 25) gahaniifi ga’eeyyii sanaa oliitu hirmaata. Geerarsa qondaala mirga qabutu eegala. Qondaalli dargaggeessa gulantaa kuusaatti diina yookiin bineesnsota gurguddoo horii miidhuuf dhufan uleefi meeshaalee aadaan ajjeesuun gootummaa agarsiisudha.

Dargaggoonni gulantaa kuusaatti qondaaloman yoo fuudhan durbi hin arrabsitu. Oromoo Jaawwii Maccaa biratti biyya fagoo deemanii bineensota gurguddoo adamsanii ajjeesuun aadaa isaanii ganamaa akka hintaaneefi mootota xixiqqqoo gosaan akka eegale ragaaleen manguddoota aanaa Eebantuu irraa argame ni agarsiisa. Kunimmoo qondaalli hawaasa Oromoo biratti kabajaafi jaalala guddaa waan qabuuf, moototni xixiqqoon Maccatti dhalatan anatu caalaa walitti dhaadachuuf bineensota gurguddoo adamsanii ajjeesuu akka eegalameefi aadaa kun suuta suuta hawaasa bal'aa biratti baratamaa ta'aa akka dhufe agarsiisa.

Oromoon Jaawwii Maccaa beekaa beekumsaan rakkoo hawaasaa furu, arjaa qabeenya qabuun rakkaataa gargaaruufi goota lubbuu isaa kennee hawaasa tiksuuf kabajaafi jaalala olaanaa qaba. Hawaasni kun hayyuu, arjaafi gootaaf kabaja qabaatus gootaaf isaan kaan caalaa ulfina guddaa kenna. Sabababiin isaa hayyuun beekumsaan, arjaan qabeenya qabuun yoo hawaasa gargaaru, gootni garuu lubbuu jijjiirraa hinqabne qabsiisee yookiin lubbuu ofii wareegee hawaasa tiksa. Kanaafuu, geerarsa Oromoo Jaawwii Maccaa qondaala mirga qabutu eegala. Qondaalotni adda addaa bakka daboo tokko yoo jiraatan jalqaba nama biyyaaf loluun diina biyyarraa deebisetu eegala. Itti aansuun abbaa yeeyyii, abbaa

leencaa, abbaa arbaafi gafarsaatu duraaduubaan geerara. Qondaalli yoo hinjiraanne geerarsa gurguddoo hirmaattota jiran keessaa namoota umriin raagantu geerarsa eegala. Geeraraan tokko tartiiba kana cabsee yoo geerare geerarsi cigoo ka'uu danda'a. Geerarsi cigoo ammoo hirmaattota gidduutti lola kaasuu waan danda'uuf hanga qondaalli afaan banatu (geeraru) namni kamuu taa'ee obsaan eega. Kana malees, geerarsi eegalee osooma geeraramuu geeraraan biraa irratti yoo geerare namoota sana gidduutti lola kaasuu danda'a. Kanaafuu, namni biraa osoo geeraraa jiruu geeraraan biroo geeraru akka barbaadu haala garagaraan agarsiisuu danda'a. Isaan keessaa tokko geeraraa sanaaf kabajaafi ulfina kennuun dandeettii geeraruutiin akka isa hincaalle agarsiisuun akka nama geeraraa sana gargaaruuf yaadeetti geerarsa irraa fudhachuu danda'a. Inni biroon hiriyyoonniifi firri akka geeraruuf yoo tuttuqan namni geerarsaan isa caalan baay'een akka jiran agarsiisuun namni geeraru nama jabduu hojjete akka ta'eefi geeraraan kun yaada yeelaluu malee geeraru akka hindandeenye ibsatee geerarsa eegaluu danda'a. Kanaaf, geerarsa keessatti dhaggeeffattootni geeraraaf kabajaafi ulfina guddaa kennu. Kana malees geeraraan tokko maatii isaa faarsuu, rakkoo isa mudate baannachuufi jabduu dalage himachuu irra darbee hirmaattota keessaa dhimma nama

tokkoo yookiin maatiifi gosaa biroo yoo tuqe namni sun yookiin aantiin isaa callisee dabaree eeggatanii geerarsaan deebii kennu. Geerarsi geeraraan tokko geeraraa biraaf deebii ittiin kennu kun geerarsa cigoo jedhama. Cigoo geeraruun yoo eegalame geeraraan tokko isa kaaniif deebii kennuurra darbee lola namoota dhuunfaa, gareefi gosaa kaasuu danda'a. Kanaaf geerarsa keessatti haalli geerarsi itti eegalamu (qondaala dursanii afaan geeraruu), geerarsa irratti geeraru yookiin sirnaan geeraraa duraarraa fudhachuu dhabuufi qabiyyee dhimma nama yookiin gosa biroo tuqu geeraruun geerarsa cigoo wantoota kaasan keessaa isaan gurguddoodha.

Geeraraan yoo geeraru dhaggeeffattootni gochaan, jechaafi sochii qaamaan geerarsa keessatti hirmaachuun geeraraa jajjabeessu. Geerarsa keessatti hirmaannaan dhaggeeffattootaa haala keessatti raawwatamuun cimsee wal qabata. Hawaasa Oromoo keessatti namni tokko yoo dubbatu kaan dubbii nama sanaa sirnaan caqasuun aadaadha. Namni dhaggeeffatu kun caqasuu qofa osoo hintaane duubdeebii kennuun waan baratamaadha. Geerarsa Oromoo Maccaa keessattis geeraraan yoo geeraru dhaggeeffattoonni sirnaan caqasuun duubdeebii kennu. Duubdeebiin dhaggeeffattooni geerarsaan kennan kun jalaa gooduu yookiin cookuu jedhamuun beekama.

Haala dhaggeeffattootni geeraraa jajjabeessan keessaa muraasni miilaan lafa dhiituun, mataa raasuun, uleen lafa tumachuun, jechoota gaggabaaboo 'iyizoo, ishoo gurba, hinsobne jechuun geeraraa onnachiisu. Osoma geeraraan geeraraa jiruu jechoota miira ibsachuuf gargaaran kan akka 'ahaha, ahaha, ahaha, jechuun teessooma irra taa'anii miilaan lafa dhiituun, mataa raasuun, fuula ibsuun, jechoota 'ishoo, ishoo gurbaa, ayizoo' jedhan fayyadamuufi ka'anii dhaabbatanii ulee mirmirsuun, lafa dhiituufi dhiichisa immoolee sirbuun geerarsa ho'isu, geeraraas sissi'eessu.

Akkasumas, dhaggeeffattootni sochii qaamaan alas geeraraa jalaa cookuun qabiyyee geerarsa isaa tumsu. Dhaggeeffattootni jalaa cookuu kanaan yaada geeraraa haalaan caqasaa jiraachuu isaanii mul'isuuf gareen jalaa cooku, jalaa cooka kanaan geeraraa aara galfachiisuufi dhugummaa yaada geeraraa mirkaneessuun akka dabalee geerarau onnachiisu. Jalaa goodni geerarsa Oromoo Jaawwii Maccaa qabiyyee geerarsa geeraraan geeraru waliin walitti dhufeenya guddaa qaba. Yoo aariin waa balllessuu yaade akka dhiisu gorsu, hiyyummaa isaa himate akka hojjetu jajjabeessu; yoo jabduu dalage geerare dhugummaa isaa mirkaneessuun akka itti fufu jajjabeessu jechuudha. Yeroo dhaggeeffattootni jalaa cookan geeraraan yaadaafi walaloo itti aanee geeraru qopheeffata.

Geerarsi bakkaafi yeroo itti geeraramu qaba. Geerarsi bakka adda addaatti geeraramuu danda'us baay'inaan bakka daboo, ijaarsa manaa, midhaan haamaa, dhayicha midhaaniifi mana waamichaatti geerarama. Oromoon Jaawwii Maccaa akkuma warri magaalaa kubbaafi fiilmii ilaaluun bohaaran geerarsaan sammuu dadhabaa oole bo'aarsu, mukuu wal baasu, goota jaju, wallaalaa barsiisu, gowwaa qeequun barsiisu.

Jaawwii Maccaa geerarsaan bohaaruurra darbaniis hayyuu faarsuun wallaalaa ittiin barsiisu, beekaa jajuun gowwaa ittiin qaru, goota faarsuun dabeessa onnee itti hour, arjaa jajachuun dogna kennisiisuu waan ta'eef waltajjii barnoota itti waliif kennaniifi argatanidha.

4.2 Argannoowwan

Oromoon Jaawwii Maccaa geerarsa daboo hojii hojjetee xumuree mana abbaa dabootti galuun nyaatee dhugee maaddiin erga ka'ee faaruu saayyee, buddeenaafi tapha sarii booda halkan geerarama. Kun hariiroo Oromoon uumama waliin qabu, kabajaafi ulfina inni midhaan nyaatu, horii elenfatuufi sangaa ittiin qotatuuf qabu agarsiisa. Kana malees taphni sarii geerarsa dursee taphatamu dargaggoota gidduutti miira waldorgommii cimaa waan uumuuf hirmaattota bohaarsuurra darbee dargaggoonni aadaa hojii cimaa akka

horataniifi hojjetanii maatiifi hawaasa naannoo sanaa diangdeen akka utuban gargaareera. Argannoon qorannoo kanaa inni biroon, hawaasni Jaawwii Maccaa arjaa, hayyuufi gootaaf kabaja guddaa akka qabaniifi sadan keessaa gootni hunda caalaa kabaja olaanaa akka qabutu hubatame. Kanarraa kan ka'e geerarsa osoo hayyuu, arjaafi namootni umriin raagan jirani qondaalatu eegala. Qondaalli akka sirna Gadaatti dargaggeessa gulantaa kuusaatti diina yookiin bineensota gurguddoo horii miidhuuf dhufan uleen ajjeesuun gootummaa galmeessedha. Geerarsa qondaalli erga eegalee miseensotni hawaasaa akkuma umrii isaaniin dabaree dabareen wal harkaa fuudhanii geeraru. Umrii namoota daboo irratti hirmaatanii xiqqaan kudha torba ture. Kunimmoo umriin dargaggootni daboo deemuu eegalanii akka Sirna gadaatti gulantaa Gaammee gurguddaati jechuudha. Kun Oromoon Jaawwii Maccaa ijoollee umrii isaanii malee hojii akka hinhojjechiifne garasiisa. Geerarsa dargaggoota (dhiira) gulantaa kuusaa (25) ga'aniifi ga'eeyyii sanaa olii jireenya keessatti rakkinaafi bal'ina arguun muuxannoofi hubannoo horatantu qooda fudhata. Kunimmoo haalotni geerarsa keessatti mul'atan kunniin geerarsi sirna Gadaa waliin hidhata akka qaban agarsiisa. Yeroo booda garuu mootonni gosaa Jaawwii Maccaa keessatti dhalatan duudhaa Oromoo ganamaa

kanarra darbuun abbumti barbaade bineensota gurguddoo biyya fagoo deemanii adamsanii ajjeesuun akka eegalame, haalli kun booda keessa hawaasa bal'aa biratti baratamaa ta'aa akka dhufeefi bineensota ajjeesanii geeraruun kun aadaa Oromoo ganamaa akka hintaanetu hubatame.

Geeraraan yoo geeraru dhaggeeffattootni kabajaafi ulfina guddaa kennuun akka inni geerarsa qajeelfatuuf jechaafi gochaan jajjabeessu. Kunis, geerarsiyoo eegale miseensotni haasaa garee gareen haasa'aa turan addaan kutuun jechoota gaggabaaboo ayizoo, ishoo, akkas malee, dhugaa keeti' jechuun onnachiisu. Kana malees, gochoota akka mataa raasuun, lafa dhiituun, ulee mirmirsuun, ija babaasuufi ka'anii dhaabbatanii itti sirbuun jajjabeessu. Akkasumas, geerarsa isaa gidduu gidduutti jalaa cookuun akka geeraraan boqonnaafi yeroo argachuun yaadota, akkasumas walaloo geerarsaa itti aansee jedhu akka qopheeffatu gargaara.

Dabalataanis, dhaggeeffattootni haala geeraraa sanaa hordofuun dadhabbiin yoo kan itti dhaga'amee jiru ta'uu hubatan haala kabajaafi ulfina isaa hintuqneen geerarsa irraa fuudhu. Dhaggeeffattootni haalota kana gochuu yoo hanqatan/baatan geerarsa caalaa geeraraa akka

waan tuffataniitti waan ilaalamuuf hariiroon geeraraafi dhaggeeffattootaa manca'uu danda'a.

Kana malees, hawaasa Jaawwii Maccaa keessatti haalotni geerarsa irratti waldhabdee yookiin lola kaasuu danda'an osoo qondaalli jiruu gurguddoon yoo geerarsa eegalan mirga isaa sana akka waan tuffateetti ilaalama. Geerarsi erga eegalamees osoo geeraraan tokko geeraraa jiruu geeraraan biraa osoo kabajaafi ulfina geeraraa sanaaf hinkenniin yoo irratti geerare nama yookiin gosa duraan geeraraa jiru sana akka waan tuffateetti fudhatama.

Akkasumas, geeraraan geerarsaan dadhabina nama biroo (hiyyummaa, amala badaa, dabuma, dhoqnummaafi laafina biroo) yoo kaase nama sana, gosa, firaafi aantee isaa akka tuffateetti yaadama. Haalonni kun yoo uumaman namni yookiin gosti tuqaman ka'anii uleen dha'uu caalaa geerarsa cigoo geeraruun geeraraa duraa sanaaf deebii yoo kennan akka jabduu guddaatti ilaalama. Kanaafuu, geeraraan wantoota miira dhaggeeffattootaa tuqu hingeeraru. Dhaggeeffattootnis geeraraan yoo geeraru jechaan, gochaafi jalaa cookuun kabaja inni duraan hawaasa keessatti qabuun olitti ulfina kennuun akka mootiitti akka kabajamutu hubatame.

Wibiilee

Amos, D. (1972). *Folklore in Context: Essays*.
New Delhi: South Asian Publishers Ltd.

Eshete Gemed. (2008). African Egalitarian Values and Indigenous Genres: The Functional and Contextual Studies of Oromo Oral Literature in a Contemporary Perspective. Norway: Syddansk Universitet.

Finnegan. (1970:211). Finnegan, R. ((1970). *Oral literature in Africa*. Oxford:: Clarendon Press.

Claus, P. & Korom, J. (1991). *Folkloristics and Indian folklore*. Rrc Publications in International Folkloristics-1. Boston University.

Dereje Fufa. (2013). *Analysis of creativity and creative context in oral poetry*. *Journal of Language and Culture* Vol. 4(1), pp. 1-9,

Jeylan, W. Hussein (2017). *You can hear wholly only if you remove the waxes in your ears':The Hararghe Oromo's theory for establishing the intersubjective foundation of cognition*. Haramaya University, Ethiopia: sagepub.com/journalsPermissions.nav.

Jeylan, W. Hussein (2005). The functions of african oral arts: the arsi-oromo oral arts in focus. *African Study Monographs*, 15-58.

Krüger, S. (2008). *Ethnography in the Performing Arts: A Student Guide*. London: LGS, David Bridge.

Nagaso, G. (1983). Oromo historical poems and songs: Conquest and Exploitation in Western Wallaga, 1886-1927. *Paideuma: Mitteilungen zur Kulturkunde, Frobenius Institute*, 327-340.

Peter, B. (2002): *Folklife and Fieldwork*. An Introduction to Field Techniques. Publications of the American Folklife Center. Library of Congress.

Sumner, C. (1997:207) "Sumner, C. (1996). Oromo Wisdom Literature. (Vol. III) Folktales: Collection and Analysis. Addis Ababa: Gudina Tumsa Foundation.

Sims, M., & Stephens, M. (2005). *Living Folklore: An Introduction to Study of People and Their Tradition*. Logan:: Utah State University Press.

Wolcott, H. T. (1999). *Ethnography: A way of Seeing*. Walnut Creek, CA: AltaMira.